

Amantiin Hojiidhaan Ibsama

Shireevepoort, Luuziyaanaa, USA

Sadaasa 26, 1965

1 Galatoomaa. Galgala kana, ammas asitti argamuun keenya gaariidha. Maal barbaacha akka isin dhuftan hin beeku, an namoota dhukkubsataniif kadhachuufan dhufe. Namni hunduu akka isaaf kadhatamuuf as dhufe. Hubattuu, akka isin hafuura qulqulluutiin geggeeffamtan nan amana, kun immoo in raawwata, inni hundumaarra in caala, inni ergaa isa gonkuma a hin dabarreedha.

Egaa, kutaa manaa keessan ture har'a, booda... tajaajilaan dhugaadhumatti keessi koo jaallatu tokko, sadan isaanii, hiriyoota koo sadan warra dhugaadhumatti gaarii ta'an, isaan wajjin laaqana akka nyaannuuf dhufaa akka jiran natti himan. Anis itti yaadeen, "Baay'ee gaariidha, haalli sun gaarii tue," isinuu beektu.

2 Kanaaf ani ciree xiqqoon nyaadhe, sababiinsaas kadhannadhaaf deemaan jira jedhee waanan yaadeef, argitanii, guutummaatii irbaata koo nan nyaadha'oo. Kanaaf sa'atiin 6:00 dhuufee, sa'atiin 7:00 dhufee, sa'atiin 8:00tis dhufee darbe, garuu namni tokko asiin hin baane. Kanaaf wanti ture...poolilisiin yakkamaa ari'aa ture, iraa-gadee maasii sanaa, anis goda sanattin gadi bu'e waan ta'e sana ilaaluuf. Guutummaadhumatti obboleessa koo Jaakiin arguu hin dandeenye. Kaanaaf, ani isa barbaachaaf nan ba'e, abbaan Hoteelichaa lakkoofsa dogoggoraa kenninaaniif balbala biraa rurrukutaa ture edaa inni yeroo kana hundumaa, bakka ani hin jirre. Yeroo xiqqoof haata'u iyyuu malee akka inni naaf kadhatu nan barbaada. Isaa fi obboleessa koo Tiraasii dhugaadhumatti galgala kana isin arguu kootti nan gammada, akkasuma obboleessa koo Biraawun. Sun dhugaadhumatti waan Ariizoonatti lammata deebinu fakkaata.

3 Guyaa biraa immoo isan lafa onaa keessa darbee dhufen yaadadhe. Haadha manaa koottin hime bakka sanatti, akkas jedhee, "Kun bakka obboleessi koo Jaak dugda cheeviroolet (gosa konkolaataa) xiqqitii isaa irra nu kaa'eedha. Obboleessi keenya Biraawunii fi inni waa'ee uumama jalqabaa irratti baay'ee wal falmu turan, innis guyyoota ja'a moo waggoota miliyoona ja'a keessatti uumamanii xumuraman jedhanii wal falmu turan. Innis immo gaarii ture.

Baay'ee wal falman, gadi bu'anii dhagaa harka guutuu funaannatan, inni tokko muka duuba dhaabatee inni kan biraas muka biraa duuba dhaabatee, hamma dandeettii isaaniitti dhagaa walitti ha'uu jalqaban. Akka sanattis itti hin fufne, "si hari'uu nan danda'a" waliin jedhu. Daandii qabatanii asii gadi sokkan; obboleessi keenya Jaak akkuma beektan gabaabaadha, ta'us hamma humnasaa itti marme, obboleessa keenya Yaangiin isa miilla dhedheeraa isinuu beektu, inni isaanii wajjin ture. Akka gaafa sanaa jireenya koo keessatti kolfee hin beeku!

Yeroo sanatti obboleessi keenya Jaak gara konkolaataatti deebi'ee kophee isaa ofirraa baase. Obboleessi keenya Shaariit immoo burtukaana keeshaa guddaa tokko guutuu nuuf fidee, utuu nuti Shirevepoortiin hin ga'in walakkaa isaa sallaq godhee fixe.

4 Isinuu beektu, haa ta'u malee guyyoonni sun warqee turan. Eeyyen, nama nana, guyyichi guyyaa warqee ture. Nan beeka qoosaa, tapha fakkaata, garuu wantichi dhugaadha. Garuu nuti...akkuma sammuu keenya keessa deebisnee yaadnuun, waa'ee waan sanaatiif waatu jira. Guyyaa sana utuun achi jiraadhee jettanii yaadaa jirtu ammas, sirriidhuma, guyyaa ijoollummaa keenyaa. Akkuma umuriidhaan dabalaa deemnuun isaan hundumtuu suuraa ta'aa deemu. Wantichi qulqulluu fi qulqulleeffamaa waan tureef baay'een itti gammade, walitti qabama obbolummaa ture; kan jaalalaa. Lafa itti hin dulloomne sanatti deema akka jirru waan beeknuuf, bakkichi....Lafa bal'aa, fagoo gama sanaa, bakka nuti gonkumaa, gonkumaa itti dulloomuu hin dandeenye, yookiis gonkumaa itti du'uu hin dandeenye.

5 Obboloota gati qabeeyyii kana keessaa, inni hundumti keenya jaallannu, inni dhugumatti laficha irra ejjeteera. Yeroo hundumaa gaafan waltajjii kanatti ol ba'u, obboleessa keenya Liileen nan yaadadha. Galgala darbe mucaa xiqqoo duuba sana teessu ilaalaan ture, onneen koo baay'ee na dhikkifate, maaltu akka itti dhaga'ame yaadaan ture. Yeroo abbaan koo du'e nan beeka akkam akka...Garuu nuyi warra mana barumsaa dhiphinaa akkasii keessa darbetu beeka hammam akka dhukkubbiinsaa warra kaanitti dhaga'amu.

6 Nan amana hiriyaa keenya tajaajilaa yeroo dheeraan asitti ilaalaa jira. Isa garuu waamuu hin danda'u. sirriidhaa? Kanaan dura asitti namoota dhukkubsataniif kadhachaa turte, yeroo hundaa, waggootaan duraa? Gerhooltizer, kun maqaa warra Jarmaniiti, an dhaqee isa ol kaasuu hin danda'u. obboleessi keenya Tiraasiin alatti isa quunnameera. Ergan isa baree waggoota kudhan, akkasii jedheen, "umuriin kee ji'a ja'a hin daballe waggoota kurnan kana keessatti". Nuti addunyaa guyyaan qabamee itti dhaabachuu danda'u keessa jirra.

7 Amma galgala kana, ani...dhugaadhumatti galgala darbe isinitti dhiisiseen ture, har'a garuu akkan isinitti hin dhiisifneef nan yaala. Seenaan isinitti himaa ture nan fixa; galgala kana maal irratti akkan lallabu yaadaan ture, innis mata duree Ol Butamuu jedhu irratti ture. Akkuma kitaaba qulqulluu keessatti arginu, haaldurewwan akkamii guutuutu nurraa eegama, haaldurewwan akkamii keessa darbuu qabdi waldaan ol butamuuf, akkasumas immoo utuu ol butamuun hin dhufin dura maaltu bakka ol butamuu bu'uu danda'a, akkamittis ol butamuu bakka bu'uu danda'a, ol butamuutti in amanna, hin amannuu? Itti amanna. Sana booda egaa, hundumtuu al tokkotti, wanti ta'e keessa kootii, "dhukkubsattootaaf kadhadhu galgala kana," naan jedha. Egaa obboleessa keenya xiqqaa nama Meeksikoo wajjinan irbaata nyaachaa ture achitti, gara karaatti gadi bu'een isa argadhe, innii fi haati manaa isaa as nu gidduu jiru jedheen yaada.

Achumaan namni tokko dhufee dhugaa naaf ba'e, lafa waldaa irratti, namicha tokko wajjinan bakka sana ture naan jette, nan amana yeroon isaa naannoo waggaa tokkoon dura yeroo inni toora waan hamaa fi gaarii gargar baasuutti dhufe." An galgala kana akkuma toora waaqeffanna keenya isa kaanaan duraatti itti fufna jeedheen yaadaa ture, akkuma obboleessa keenya Jaakii fi obboleessa keenya....

8 Obboleessi keenya Yaangi Biraawun kanaan dura kaardii kadhataa namootaaf hiraa ture. Inni dhugaadhumatti nama amanamaa dha, ani utuu inni kaardii kana gurguruus ta'e waan hamaa hojjetuu isa argee hin beeku, inni dhugumatti qajeelaadha. Namootni kaan isa gurguruuf utuu yaalanii akka qabnee turre isinuu beektu. Kanaaf nuti... obboleessa keenya Yaagiin, inni yeroo hundumaa hojii isaa irratti nama sirrii fi amanamaa ture. Nan yaadadha, inni kaardii fuudhee tooraan namootaaf hiraa ture, sana booda an isaaniif kadhadheen gala ture, eeyyen amantii garaa guutuu isa namoonni qabu turan sana, mee isin biraa namoonni fayyan yoo jiraatan. Hama ammaatti namoonni digdamni isin keessaa fayyaniiru.

9 Galgala kana seenaa nama tokkoon isintti hima, tarii namni kun as nu gidduu jira. Inni waggaa tokko dura toora kadhataa keessa ture, bakka kadhataa sanattis maanguurroo akka qabuu fi erga yaala argatee booda dhala argachuu akka hin dandeenye doktoori isaa itti himee akka ture itti himameera, haa ta'u malee inni ijoollee durbaa kan hin qabne garuu argachuuf nama hawwii qabu ture, mucaa dhiiraa qaba jedheen yaada. Garuu gooftaan mul'ataan akkas ittiin jedhe, "mucaa durbaa godhachuuf jirta."

10 Egaa inni mucaa durbaa abdachiifame sana godhatee galgala kana as nu gidduu jira. Namticha fuula isaa hin beeku, tarii...hirmaattota kana keessa jira, yookiis namni an waa'ee isaa dubbachaa jiru kan biraa jiraa? An hin isa hin beeku namatu alatti waa'ee isaa natti hime. Oo, kuunnoo mucattii haammatee ala sana taa'aa jira. Akkam namatti tola, baay'ee namatti tola. Duuka buutuu mi'ooftuu akkamiiti seetan, baadhee hunduma keessan irra deemee isinitti agarsiisuu hin danda'u, dhugaadhumatti daa'ima baay'ee bareedduu dha. Daa'ima kana qabatee as baatee dhugaa akka baatu nan barbaada, garuu har'a utuu hin ta'in bor, yookiin yeroo biraa yeroo tajaajila qabnutti dhugaa nuuf baata.

Amma egaa, bor ganamni sagantaa afeerraa ciree daldaltootaati, isinitti beeksifameera mitii? Baay'ee gaariidha.

11 Mee amma mataduree xiqqoo waa'ee fayyina waaqarraa irratti haa ilaallu. Mee hammam keessantu itti amana? Oo, yaa anaa, amantii akkasii arga qabaattanii, galgalli kun galgala guddaa ta'uuf jira. Namoota isatti amananiif inni in raawwata. Inni kan warra isatti amananiiti.

Egaa, yeroo sanatti, qalama fudheen waan tokko tokko barreessuu itti fufe, achumaanis... Biiliin balbala rurrukutee, "Ababbaa?" naan jedhe.

Ani immoo, " hin xumurretii, yeroo xiqqoo na eegin" ittiin jedhe.

Inni immoo, " garuu, obboleessi, Jaak si eegaa jira." naan jedhe. Kanaaf itti dhiiseen ba'e. waanan irraa waamameef waraqaa xixiqqaa sana fidee hin dhufne. Waan akka citaa qorqorroo yookisis immoo waan akka limmoo wayii lafa sanaa waanan argeef, mee isatti fayyadamuu dhaan yaadannoon ganama kana qopheessee isa tokko isa kan biraa irraa addaan babaasaa, kukkutaatii.

12 Akkuma umuriin dabalaa deemtan...kutaa macaafa qulqulluu akka kanattin haala salphaa ta'een yaadachuu danda'an ture. Garuu, waan akkasii hojjechuun dadhabsiisaadha. Haammam akka nama rakkisu argitaniittuu, obboleessaa, Jaak? Eeyyee sirriidha, eeyyee. Obboleessa keenya jaakitti yeroo an dhi'eenyatti itti himee turtti, "obboleessa keenya Jaakiin beektaa," naan jedhe, " waanan beeku natti fakkaata, garuu hin yaadadhun" jedheen. Waan ta'e tokko jechuu jalqabeen jira, kanaaf na haa eegun" jedheen.

" Bakki ati jirtu baay'ee fagoodhaa?," jedheen gaafadhe, inni immoo, " lakki fagoo miti, nama ta'etti bilbileen waan ati barbaaddu gaafadhee ture," naan jedhe. Obboleessi keenya Jaak natti qoosa se'een ture, garuu wantichi dhugaadhuma ture.

Sirriidha mitii obboleesso? Yaa anaa, akkamittiin irraanfatta. Mee hundumti keenya barreeffama kana harkatti haa qabannu, sababiin isaa galmeen guyyaa firdii sanatti nuuf dubbifaman isa keessa jiru waan ta'eef.

13 Amma eegaa, nuyi maatii bal'aa tokko fakkaanneerra, har'a akka dheengadda gaafan ergaa koo lallabaa tureetti walitti baay'attanii wal dhuphistu jedhee hin yaadu, inni kun tarii kadhata mandaraati jedhee waanana yaaduufidha. Kanaaf, galgala darbe sana sodaa waaqayyooft jettanii dhaabattanii warri hordofaa turtan baay'een isin dinqisiifadha. Carraa obboleessa keenya Jaakiin fudhachuu hin barbaadu, inni garuu yeroo hundaa, "waan jechuu barbaadde jedhi," naan jedha. Eegaa, gara waltajjii kanaa dhufee waa'ee doktriinii waa xiqqoo lallabeera. Garuu,...Kanaaf dhugaadhumatti....Innis dhugaa akka ta'e nan amana...obboloota koo kutata amantii....

14 Ganama tokko nan abjoodhan ture, an yeroo hundumaa hin abjoodhu, an abjoottuu miti. Garuu, ani abjuu keessatti nama tokkon argan ture, duuka buutuu dargaggeessaa fuuncaadhaan hidhamee, hidhaa sana keessaa ba'uuf yaalun argan ture. Anis akkasii jedhe....Namni tokko akkas jedhee natti dubbate, " isaan kun balaafamoodhaatii waan tokko iyyuu isaanii wajjin hin godhin," naan jedhe.

Egaa, dargaggeessi kun utuu fuuncaa sana keessaa ba'uuf yaaluu argeen achumatti isa dhiise. "Waan inni godhun ilaala" jedheen yaade. Innis hidhaa fuuncaa sanaa keessaa in ba'e, inni duuka buutuu gaarii ture. Itti fufees namoonni biroon utuu fuuncaa sana keessaa ba'uuf yaalanii nan arge.

15 Amma, kun hunduu abjuu ture. Utuun daandii qabadhee deemuu, hiriya gaarii tokko nama Boordersi jedhamun argadhe, inni nama Kaalifoorniyaa jiraatuudha. Innis nama waa ta'e fakkaata, iji isaa garri caalu cufameera. Waan cimaa wayii..., tarii kaansarii ta'ee waan biraa, iji isaa dhukkubsateera. Achumaanis ani....Namni tokko isa irraa achi na dhiiba ture. An Iyyeen, "obboleessa koo Boorder! Maqaa gooftaa Yesuusiin cabee si keessaa haa ba'un," jedheen.

Innis suuta, suuta akkas naan jedhe, "obboleessa koo Biraanhaam, an waan kana irra caalu argachuun fedha, cimsee qabachuu hindanda'u malee."

"Oo,obboleessa koo Boordersin," ittiin jedhe. Baay'een isa jaalladha.

16 Egaa, namni ta'e achi irraa na harkisa ture, yummuun gara galee ilaalu,dubartiin tokko na bira dhaabatti. Yeroon ijoollee turetti, mana nyaataa isheetii namootaaf nyaata deddeebisaan ture. Maqaan ishee aadde Feentoon jedhamti, amma iyyuu Jefersenviillee keessa jiraatti. Isheen anaa fi haadha manaa kootiif hiriya baay'ee nutti siqxudha.

Isheenis, " Obboleessa koo Biraanhaam, as keessaa nu baasi, kun mana qiliillee isa lafa jalaati," naan jette. Itti fuftees, " Atis waa'ee namoota kanaa waan hin hubanne qabda, isaan kun namoota balleessa hin qabnedha," naan jette. Anis naannoo sanatti itti siqee yummuun ilaalu, mana lafa jalaa guddaa fi bal'aa, utubaa sibiilaa furdinni isaa hamma inchii saddeetii yookiin kudhaanii kan ta'uun kan danqaramen arge. Namoonni achi jiran sammun isaanii darbeera, miillii fi harki isaanii walitti hidhamaadha, mataa ofirratti reebu turan. Isheen immoo boossee, "Obboleessa koo Birhaanhaam, namoota kana furi," naan jette. "Maaloo, rakkina hamaa keessa jiruutii isaan gargaari," naan jette. An ishee sirriittin beeka. Isheen miseensa waldaa Kiristoosiiti, miseensa waldaa

kiristaanaa Waldaa Obbolootaa jedhamuuti.

17 Achitti isaan ilaalee, "utuun as keessaa isaan baasuu danda'ee," jedheen hawwe. Naannoo sana ilaalaa ittuman adeeme, an nama xiqqaa kana, kan achi jiru garuu utubaa sibiilaa fufurdaa sanaa fi namoota hiyyeessota sana. Gara namoota sanaatti darbuun hin danda'amu, sababiin isaa danqaraan sibiilaa sun baay'ee walitti maxxanee waan danqarameef. Akka nama sammuu darbeetti isaan mataa ofirraa ciraa turan.

Itti fufees, balaqqeessa ifaa naannoo sanatti nan arge, yummuun ol ilaalu gooftaan Yesuus ifa sabbata waaqaatiin marfameen utuu dhaabatuu nan arge. Innis kallattiidhaan gara koo in ilaala ture. Inni immoo, "namoota kana hidhaa kanattii isaan furi," naan jedhee fuula koo duraa sokke.

Anis akkas jedheen yaade, "tole, akkamittan isaan furuu danda'a? Anoo danqaraa sibiilaa sana cabsuuf irree jabaa hin qabuu," jedheen yaade.

Kanaaf egaa, "yaa mana dukkanaa nana, maqaa Yesuusiin namoota kana dabarsii as laadhun," ittiin jedhe.

Kana booda, hundumtuu utaalaa fi quruphisaa, dhagoonni irraa gangalfamaa, danqaraan sibiilaa sun irraa kukkufaa; namoonni fiigaa, "hiikamneerra" jedhanii iyyaa, hamma sagaleen isaanii dhukkubutti iyyaa, hundumti isaanii in hiikaman.

18 Anis yeroo sanatti, "obboleessa koo Rooyi Boordersi, eessa jirtaa? Eessa jirtaa? Waaqayyo namoota isaa hiikee gadi dhiisaa jira! Eessa jirta obboleessa koo Boordersi?" jedheen iyye. Wanti gaafa sana ta'e baay'ee na dinqisiise.

Hubattuu, obboleessi keenya Boordersi baay'ee na'eera. Isinuu beektu kun raajii akka ta'e. hundumti keessanuu....Baay'een keessan kana in gootu. Sagaleen inni weesti Koostitti waraabame hunduma keessan qaqaabeera.

19 Yeroo wanti kun hunduu raawwatutti namni achi ture, har'a galgala kanas as nu gidduu taa'ee jira. (yeroo nuti adamoodhaaf deemnee turre sana). Inni tajaajilaa isa nuti galga darbe tajaajila isaa dhaggeeffachaa turreedha. Isa ija dhukkubsatuun gara sanatti ol ba'ee of nu barsiise dha. Inni iddoo tulluu sanaatti, fuullee ijaa bifa qabu godhatee ture kan achitti wal argine. Innis, "obboleessa koo Biraanhaam, ani obboleessa kee Maak Huugesii dha," naan jedhe. Itti dabalees, "an tajaajila ati Kaalifoorniyaatti gochaa turte keessaa guyyaa tokko ispoonsera godhee gargaareera," naan jedhe.

Anis deebisee, "Obboleessa koo Maak Huuges, si baruu kootti baay'een gammadan," ittiin jedhe.

20 Egaa, nuti gara namoota digdamaatu achi ture. Booyyee adamsuuf kiyyoo keenya fudhannee achi deemne. Gara gaarichaatti utuu ol hin ba'in dura obboleessa koo Baanki Wuuditti waa himeen ture, hundumti keessan isa beektu, inni hiriya kooti. "obboleessa koo Wuudi..." ittiin jedhe. Dhagaa fuudheen gara waaqaatti ol darbadhe, dhagichis gara lafaatti gadi deebi'e. "GOOFTAATU GODHI," naan jedhe, "har'a waa ta'uuf jiran," ittiin jedhe.

Inni immoo, "maaltu ta'uuf jedha, obboleessa koo Biraanhaam?" naan jedhe.

Animmoo deebiseefii, "waansaa hin beeku, garuu sa'aatii digdamii afur gidduutti waa ta'uuf jiran," ittiin jedhe.

21 Guyyaa itti aanutti... waaree booda naannoo sa'aatii kudhaniitti gara adamootti ba'uun murteessa turre. Hundumtuu kiyyoo ittiin booyyee qaban qabannee dhaabanna turre. Maak kiineeliin ni beektu, innii fi hundumti isaanii deemsaaf wayyaa uffachaa jiru. Anii fi obboleessi koo Boordersi akkasumas obboleessi koo Rooyi Roobersen, inni ogeessa fayyaa beeyiladaati, hundumti keenya achin dhaabanna turre. Yummuun gara isaa ilaalu obboleessi koo Maak Huuges, "obboleessa koo Biraanhaam, yeroo gara adamoo kanaatti deemaa turretti ergamaan gooftaa sitti mul'ateeraa?" jedhee na gaafate.

Animmoo, "obboleessa koo Maak Huuges bakka kana boqochuufan dhufen," ittiin jedhe.

Inni immoo, "tole, obboleessa koo Biraanhaam, si jeequuf hin jenne." Naan jedhe.

Anis deebisee, "obboleessa koo na hin jeeqinin," ittiin jedhe.

22 Naannoo sana yummuun ilaalu doktooran maqaa isaa hin beeknetu ija isaa ilaalaafii jira. Ariizoonaan guyyaa aduu fi ifni hamaan itti ba'u waan ta'eef fuullee ijaa dukkana'aa

uffatee jira. Itti siqee yummuun ilaalu doktorichi, "obboo, ija kee kana waggootaaf, gara waggaa lamaatiif siif yaalaa tureera, akkas natti fakkata," ittiin jedhe. " alaarjiitu ija kee miidhe, ija kee kana dhabuuf deemta," ittiin jedhe. " Innis gara keessa qaroo keetiitti nyaachaa deemaa jira, an adeemsa isaa kana dhaabuu hin danda'u," ittiin jedhe.

Animmoo, " waa'ee maalii natti himachuu baebaadde, waa'ee ija keetiiti. Fuullee ijaa kana kan uffattuuf sababa iji kee si dhukkubuufin," jedheen.

Inni immo deebisee, "Eeyyee, dhugaadha," naan jedhe.

An immoo, "Doktoori kee guyyoota muraasa dura sababii alaarjiin ija kee nyaataa jiruuf, qaroo kee dhabuuf akka deemtuu fi waggoota lamaaf si yaalaa turee kana booda itti nyaachaa deemuu isaa dhaabuu akka hin dandeenye sitti himee turen," ittiin jedhe.

Innis deebisee, " Obboleessa koo Biraanhaam, kun dhugaadha," naan jedhe.

23 Yeroon ofirra gara galee ilaalu, dubartii umuriidhaan isa caaltun arge, isheen magaala wayiiti, isaan jalqabatti as gara olii kana naannoo Arkaansaasii dhufan. Isheen wandaboo ishee ofirraa ol qabdee miilla ishee ilma isheetti agarsiiftee, " yaa ilmakoo, yoo obboleessa keenya Biraanhaamiin argite miilla koo kanaaf akka naaf kadhatuuf itti naaf himi," ittiin jette. Waan akka dhullaa wayiitu miilla ishee gidduutti biqilee jira.

An namichaan, "haati kee isheen mataan ishee harrii, wandaboo ishee ofirraa ol qabdee miilla ishee sitti agarsiifachaa, yoo na arige akkan isheedhaaf kadhahuuf sitti himteettin," jedheen.

Inni immoo, "Oo, kun waan dinqisiisaadha," jedhe.

Duubatti galagalee yummuun ilaalu, inni fuulee ijaa ofirraa fuudhee in dhaabata, Gooftaan natti mul'atee, itti dubbadhu naan jedhe, " Waaqayyo ija kee fi miilla haadha keetii fayyiseeran," ittiin jedhe.

24 Obboleessi keenya Roobersen kan amma nu gidduu jiru yeroo sanatti nuu wajjin ture, harka kee saggoo isaa irra kaai'in ittiin jedhe. Obboleessi koo Rooyi muuxannoo waan qabuuf, " ariifadhuutii waa jala lixi, wanti ta'e raawwachuuf jiraatiin," ittiin jedhe.

Inni immoo, " obboleessa koo Biraanhaam, maal jechuu keeti?" naan jedhe.

Animmoo, " hin dubbatin! Dafii waa jala lixiin, ittiin jedhe. Of duuba galagalee akaafaa lafaa fudheen bakka sanarraa achi siqe, sababiisaa, bakkan ture sanatti wantichi ta'uuf akka jiru waanan bareef.

25 Achumaanis, wanti akka holqa dhagaa, harka saddeeti yookiin harka kudhan mana kana caalaa guddastu, ibiddi akka saaxinii wayii waaqa keessaa gadi dhufe, wanti akka bubbee jabaa bakkan dhaabachaa turetti gadi dhufe, dhagoota tulluu sanarraa gangalchee biqiloota naannoo sanaa hamma yaardii dhibbaatti ciree balleesse. Namni hunduu fiigee, kaan konkolaataa jala, kaan immoo waanuma arge jala lixe. Innis gara samiitti ol deebi'ee akka bakakkaa in qaqawweessa'e. yeroo sadii gara samiitti ol ba'ee gadi deebi'e. erga kun hunduu raawwatee booda dhufanii, " wanti ta'e kun maalii?" jedhanii na gaafatan.

Anis deebiseefii, "kun milikkita firdiiti, guyyoota muraasa keessatti sochii lafaa hamaan karaa dhihaa kana in ta'a, bakkuma sanatti kan dhaabatu miti, Kaalifoorniyaa fi Loosaanjeles dhidhimuuf jirtu, isheen asii gadi deemaa jirti. Isheen garba keessatti gadi in dhidhimtin" ittiin jedhe. Erga kun ta'ee guyyaa lama booda sochiin lafaa Alaaskaa raase.

26 Tajaajila koo isa xumuraaf yeroon Kaalifoorniyaa turetti, hamman karaarra bu'etti waa raawwatee fi hinraawwatin hin beeku. An Kaalifoorniyaadhaan akkasin jedhe, " yaa Qifirnaahoom, yaa Qifirnaahoom, yaa magaalaa ishee maqaa ergamtootaatiin waamamtuu (Loosaanjeles), hamma gara waaqaatti ol ol of qabde, gara lafa jalaatti gadi darbatamuuf jirta, hojii dinqiin si keessatti raawwate utuu Sodoomiin keessatti raawwateera ta'ee, silaa isheen dhaabattee in hafti turten" Jedheen.

27 Guyyoonni muraasni erga darbanii booda egaa, wanti nama rom'isiisuu fi naasisu saayinsiin deeggaramee as ba'e. Innis, "lafti ishee fofoxxoqee dhidhimuuf jirti" jedhanii maxxansan.

Egaaa, yummuu bishaanni galaana Soogiddaa ishee irra garagalu arguuf jirtu. Loosaangelesitti faradamee barbadaa'uuf jirti. Yeroo kun raawwatu tarii arguuf jirtu, an

garuu dursee isinitti himeera. An ofii kootii jecha tokkollee waanan isinitti hime hin qabu, waan inni afaan koo keessa kaa'eedha malee. Waanan dubbadhu kana hundumaa barreessaatii kaa'aa. Wanti kun yoom akka raawwatu garuu an hin beeku.

28 Akkuman bakka sanaa ba'een, waa'ee isa ani dubbadhee kitaaba qulqulluu keessaa natti himuu jalqaban. Caaffata qulqulla'aa keessaa yummuu isaan naaf dubbisan anis dhaggeeffachuun jalqabe. Yesuus waa'ee Qifirnaahoomiin jechuma wal fakkaataa akka dubbate isinuu beektu. Sodoomii fi Gomoraan galaana Du'aa jala jiru jedheen yaada yeroo sanatti. Waggoota dhibbaatama booda Qifirnaahoom gara galaanaatti gadi sigigaattee, ammayyuu achuma keessatti liqimfamtee jirti. Waaqayyo isuma sababii cubbuu isheetiif Sodomii fi Qifirnaahoomiin galaana jala dhidhimsetu Loosaanjelesiinis sababii cubbuu isheetiif galaana jala dhidhimsuuf jedha, isheen magaalaa malaanmaltumaati.

Obboleessi koo Rooy Boordersi na'ee diilallaa'eera. Egaa,wanti jedhame jedhameera, homaa gochuun hin hin danda'amu.

Mee, walii wajjin haa kadhannu.

29 Yaa gooftaa, isaan si dhaggeeffatanitti dhugaa ba'uun akkam gaariidha, warra hin amaninis akka gargaartu sin amana. Yaa gooftaa, bara dhumaa kana keessa deddeebi'aa akka jirru in beekna. Guyyaan dhumaa sun yoom akka ta'e garuu hin beeknu. Garuu yaa gooftaa, guyyaan dhirsii misirroo itti mul'atu kan ati qofti beektu akka jiru in beekna. Isa duukaa akka ol butamnuuf adaraa ati nu qopheessi.

Yaa gooftaa, namoota as ciisanii jiran kana gara isaanii mil'adhu. Kunoo namoonni baay'een diinaan marfanii as jiru. Yaa gooftaa dhiirrii fi dubartiin kuunnoo fuula kee dura taa'aa jiru, gooftaa, yoo ati isaan mi'atte malee isaan dhukkuba onneetiin du'uuf jiru, kaan isaanii immoo dhukkuba kaansariitiin miidhamaniiru, adaraa isaan fayyisi!

Yaa Abbaa, yaada garaa namaa hundumaa ati in beekta, dhugaa ta'uu fi ta'uu dhiisuu isaa in beekta. Kana hundumaa kan si kadhannuuf akka ati nuuf raawwattu waan beeknuufi yaa gootaa, humni kee inni guddaan namoota baay'ee utuu fayyisuu argineerra. Kana gochuu keef immoo nuyi dhuga baatuu keedha,yaa gooftaa.

30 Galgala kana yaa gooftaa, onnee namootaa keessatti amantii akka ijaartu, dhukkubaa fi dhukkubbii irraa namoota kana akka furtu. Yaa gooftaa, ba'aa isaanii isaaniif salphisi. Yaa gooftaa, amma sagalee kee barsiisuufan deema. Dogoggorri an dubbadhu yoo jiraate hafuurri qulqulluun laphee namootaa keesaatti akka sirreessu si kadhada. Yaa gooftaa galgala kana yaadi laphee isaanii gara dubbii keetiitti akka sassaabamu ati laphee isaanii tuqi. Yaa gooftaa isaan hin fayyin jiran ammayyuu fayyuuf haa qophaa'an. Balballi fayyinaa kee ammayyuu banaadha waan ta'eef. Maqaa Yesuun si kadhana.Ameen.

31 Amma egaa, gara kutaa macaafa qulqulluu jalqabuuttin deema.

Namni ta'e barraeeffama wayii minjaalarra as kaa'ee, " fudhu wanti kun kan keedhaa," naan jedhe. Wanti akkasii kun barbaachisaa miti, gocha akaasii hin godhinaa. Yeroo tokko nan yaadadha Kaalgaarii, kutaa Kanaadaa keessatti kennaa akkasii fudhachaa turan. Obboleessi koo Jaak yeroo sanatti natti himaa ture. Anis haadha manaa koo wajjin achi turre. Isheen yeroo sanatti kutaa ijoollee kootii Nimoonyaan akka isaan hin qabneef qaawwa balbalaa moofaadhaan cucuqqaalti turte. Inni akkas naan jedhe, " obboleessa koo Biraanhaam waan akkasii gochuun gaarii miti," waan kana in yaadatta jedheen yaada, kennaan sun doolaara kuma meeqa akka ta'e hin beeku malee isaan fudhataniiru.

Animmoo, "Oo, obboleessakoo Jaak, deebisiif hin fudhatiniin" ittiin jedhe.

Inni immoo, " kun akkamitti ta'uu danda'a?, lafa ittiin biteen achuma jira, ulfinaa fi kabaja waaqayyoof jennee anii fi haati manaa koo waggoota lamaaf achumatti dhiifne. Waldaa irratti haa ijaarrataniif namootaaf laanne," jedhe.

Yeroo sanatti inni akkas jedhe, " kun homaa miti, gara biyya lafaa kanaa qullaa koon dhufe, qullaa koon deeb'ee deemas, kaanaaf laficha waldaa Kiristaanaatiif kenneera, yeroo ijaarsisaa xumuru isinis achitti akka tajaajiltan abdiin qaba." Jedhe. Hiriyoota koo jaallatamo, kana gochuu keessaniif waaqayyo isin haa eebbisu.

32 Amma egaa ergaa Yaaqoob erge boqonnaa lama lakkoofsa 21 irraa jalqabnee haa dubbifannu.

Amma egaa, barsiisa koo har'aa gaggabaabsee xumureen warra dhukkubsataniif kadhanna. Toora kadhataa kanarra namoota jiran hundumaaf in kadhanna. Akkasumas obboleettii keenya Aannaa Jiinii fi obboleessa keenya Dooniin kadhannaadhaan yaadachuu qabna. Isaan gara Taayilaandiin deeman natti fakkaata, akkas mitii? Eeyyee, isaan hojii wangeelaatiif Baangikook deeman. Guyyaa har'aa waan baay'ee yaadaa akka ooltan nan beeka, amma garuu, waa'ee isaa dhiistanii yaada keessan guutuudhaan barsiisa keenya har'aa duukaa akka buutan adaraan isiniin jedha.

33 Egaa, ergaa Yaaqoob boqonnaa lama lakkoofsa digdamii tokkoo kaasnee muraasa isaa haa dubbifannu.

Abrahaam abbaan keenya ilma isaa Yisihaqiin, iddoo aarsaa irratti yeroo dhi'eesse, hojii isaatiin qajeelummaatti lakkaa'ame mitiiree?

Kana keessatti amantiin isaa hojii isaa isa gaarii wajjin wal gargaaraa akka ture, amantiinis hojiidhaan fiixaan akka baafame in argitanii?

Inni caaffata qulqullaa'aa keessaa, "Abrahaam waaqayyoon amanate, kunis qajeelummaatti in lakkaa'ameef" jedhu in raawwatame; inni fira waaqayyoo jedhamee in waamame.

34 Amma galgala kana...Wangeela harkatti qabadhaa, sababiin isaa luqqisa kitaaba qulqulluu heedduu isaa barreesseen na harka jira. Baay'ee isaa keessa seennee hin dubbisnu, waa muraasa xuquun yaala malee. Mata dureen barsiisa kootii: *Amantiin Hojiidhaan Ibsama* kan jedhudha. Amma egaa hubadhaa: Amantiin hojiidhaan ifatti ba'ee mul'ata. Hojiin kan agarsiisu amantiin durumaan isa keessa jiraachuu isaati. Hubannoodhaaf nu gargaara jedhee waanan yaadeefan mataduree kana filadhe. Amma egaa akkuma barsiisa guyyaa sanbataatti gadi fageenyaan waan ilaalluuf, sirriitti hordofaa.

As keessatti kan arginu, Yaaqoob macaafa Uumamaa 22:1-13 irraa waa'ee nama Abrahaam jedhamuu mul'isee utuu innin barsiisuu argina.

35 Mee, duubatti deebinee macaafa Uumamaa boqonnaa 22 lakkoofsa 1-9 haa dubbifannu.

Kun erga ta'ee booddee, waaqayyo qoree isa ilaaluudhaaf "Abrahaam" jedhee waame; Abrahaamis, "kunoo asan jira!" jedhee deebise. Waaqayyos, "Yisihaq ilma kee isa tokkicha isa jaallattu fuudhii biyya Mooriyaa dhaqi! Tulloota keessaa isa ani sitti agarsiisu tokko irratti qalma gubamu godhii isa anaaf dhi'eessi!" jedhe.

[Ilaalaa! eenyuun akka ta'e iyyuu inni isatti hin himne. Yummuu Waaqayyo dubbatu callistee gara inni jedhetti deemta; gara inni jedhetti sochoota.]

Abrahaam ganama barii ka'ee, qoraan qalmi ittiin gubamu falaxee, harree isaas fe'ee, dargaggoota isaa keessaa lama, Yisihaq ilma isaas fudhatee, lafa waaqayyo isatti hime dhaquudhaaf karaa irra bu'e. Gaafa guyyaa sadaffaa Abrahaam ol ilaalee, iddoo sana fagootti in arge. Yummuu Abrahaam dargaggoota isaatiin, "Isin harrichaa wajjin asuma turaa! Anii fi mucichi immoo achi garas dhaqnee in saganna; isa booddees gara keessanitti in deebina" jedhe.

36 Amma egaa inni mucaa isaa aarsaa gochuuf ol ba'aa akka jiru in beekna, sababiin isaa Waaqayyotu godhi ittiin jedhe. Garuu, waan caaffanni qulqullaa'aan jedhu mee walumaan haa ilaallu!

Akkasitti Abrahaam qoraan qalmi ittiin gubamu Yisihaq ilma isaa baachisee, ofii isaatii immoo ibiddaa fi haaduu harkatti baate; lamaanuus walii wajjin in deeman. Takka erga deemanii Yisihaq, Abrahaam abbaa isaatiin, "Abbayye!" jedhe; innis, "Maal jette ilma ko?" jedhe; Yisihaqis, "Ibiddii fi qoraannoo kunoo ti, qalma gubamu sanaaf immoo hoolaan meerree?" jedhe. Abrahaam deebisee, "Waaqayyo ofii isaatii qalma gubamuu fi hoolaa in arga yaa ilma ko" jedhe; isaan lamaanuu walii wajjin in addeman.

Isaanis gara iddoo isa Waaqayyo itti himee ture sanaa yummuu ga'an, Abrahaam achitti iddoo itti aarsaa dhi'eessu ijaaree, qoraanis tooraan irra naqe; Yisihaqin ilma isaa hidhee iddoo aarsaa irra qoraanicha gubbaa in ciibse. Abrahaam kana booddee ilma isaa qaluudhaaf hiixatee haaduu in

fudhate. Battala sanatti garuu ergamaan waaqayyoo bantii waaqaa keessaa guddisee, "Abrahaam! Abrahaam!" jedhe; innis , "kunoo asan jira!" jedhe. Ergamichis, " mucicha irratti harka kee ol hin fudhatin, waan tokkos isa hin godhin! Ati ilma kee isa tokkicha isaaf waan hin mararsiifatiiniif, ati Waaqayyoon akka sodaattu ani amma beekeera" jedhe.[kun gochaa akkamiiti!]

Amma egaa, Yaaqoob isirratti Abrahaamiin hojii isaatiin dhugaa ba'aafii jira.

37 Phaawulos immoo ergaa isaa gara warra Roomaatti erge boqonnaa 4 irratti dubbateera. Boqonnaa 4:1-8 waliin haa ilaallu. Guutummaa isaa isiniif hin dubbisu garuu, muraasa isaa waliin haa dubbifannu.

Kana irratti waa'ee Abrahaam abbaa sanyii keenyaa maal jennaree? Waaqayyo duratti maal argate? Abrahaam waan hojjeteen qajeelummaan utuu utuu lakkaa'ameeraaf ta'ee, Waaqayyo duratti yoo ta'uudhaa baate iyyuu, kan ittiin of jaju in qabaata ture. Caaffanni qulqulla'aan waa'ee isaa maal jedha ree? " Abrahaam waaqayyoon amanate, kunis qajeelummaatti lakkaa'ameef" jedha. Beenyaan nama hojjeteeff baafamu, gatii argachuun isaaf ta'utti lakkaa'ama malee, akka kennaa tolaatti hin lakkaa'amu.

Asirratti Phaawulos maal ibsaa jira, waan Waaqayyo Abrahaam keessatti arge dha.

38 Asii fi achi baay'ee isin haa deddeebisu iyyuu malee, gara Uumama boqonnaa 15ffaa lakkoofsa 6ffaa ttin isin deebisa; lakkoofsa 5ffaa irraa jalqabnee haa ilaallu.

Abrahaamiin alatti gadi baasees, "Gara bantiwwan waaqaa ol ilaali, urjootas yoo lakkaa'uu dandeesse lakkaa'i!" jedheen.

Abrahaam GOOFTAATTI amane, inni immoo qajeelummaatti in lakkaa'eef.

39 Egaa,namoonni lamaanuu waa'ee amantii irratti kan barsiisaa turan; Phaawulos waan Waaqayyo Abrahaam keessatti arge dhugaa ba'e, Yaaqoob immoo waan namni Abrahaam keessatti arge dhugaa ba'e.

Ilaalaa, Yaaqoob, " inni hojii isaa tiin qajeelaa ta'e" jedha.

Phaawulos immoo, " inni amantii isaatiin qajeelaa ta'e" jedha.

Garuu, hubattuu! Abrahaam waaqayyoon amanate, inni immoo amantii isaa kana isa keessatti arge. Namni garuu isanni hojiin raawwate duwwaa arge.

Gochi akkasii kun nurrattis akkasuma in argama, sababiin isaa hojiin keenya amantii nu keessa jiru ifatti baasee in mul'isa waan ta'eef.

40 Abrahaam hojiin isaa isa Waaqayyo isa wajjin waadaa galee ture sana ibsa. Waan itti amannu tokko gochuu in sodaanna yoo ta'e garuu wantichatti hin amannu jechuu dha. Hubadhaa! Abrahaam nama waggaa sagaltamaati; nama waggaa dhibbaa. Sahaaraan immoo, nama waggaa sagaltamaati. Umuriin isaanii baay'ee deemeera; dhala godhachuu irra erga darbanii baay'ee baay'ee turaniiru. Isaan erga wal fuudhanii jalqananii akka haadha manaa fi akka abbaa manaatti wajjin jiraachaa turan. Haa ta'u malee dhala argachuu hin dandeenye. Garuu yummuu Abrahaam waggaa torbaatamii shan guutetii, akkasumas Saharaan waggaa jaatamii shan guuttetti waaqayyo dubbatee, " dhala argachuuf jirtu" isaaniin jedhe. Innis kakuu waaqayyootti in amane. Ilaalaa! innis mucaa kana argachuuf of qopheessaa ture. Waaqayyo inni isa amanachuu isaa in arge, namni immoo isa inni hojiin agarsiise in arge. Nu gidduuttis waanuma akkasiitu mul'ata. Wanti kun hunduu Abrahaamitti dursee in mul'ate. Ilaalaa! Inni dursee isatti mul'ate, Waaqayyo immoo akkuma jedhe in raawwateef.

Amma egaa, daqiiqaa muraasaaf callisaa. Al tokko tokko namoonni tokko tokko hubannaa dhabuu irraan kan ka'e miira keessa galanii waa hojjechuu barbaadu. Inni kun immoo nu biratti hin hojjetu.

41 Anii fi obboleessi keenya Geeholtizeer dulloomneerra. Yeroo dheeraa jiraachaa turre kana keesaatti, waantoota faayidaa qabanii fi faayidaa hin qabne baay'ee argineerra. Addunyaa kana irra naannofnee namoota dhukkubsataniif yeroo kadhachaa turretti, namoota nu beellamanii badan akkasumas immoo, " Haaleeluyyaa" golee hundumaa irraa argineerra. Kana hundumaa irraa immoo waan barannu qabna. Yeroo ijoollummaa keenyaatti akka ijoollee bishaan daaktuutti ture nuti kan jalqabne. Kan isin dhibu garuu ani fi obboleessi koo Jaak dafnee daakaa sana keessaa bane. Obboleessi koo Biraawun

daandii isa qajeelaa irra akka na buusuuf, galgala galgala yeroo hundaa isa bira nan deeman ture. Barbaadee of argachuufis baay'een dhama'e, jabaadhees achuma nan dhaabadhe. Egaa, akka daa'ima bishaan daaktuutti daakuu nan jalqabe. Kun hunduu mul'ata ta'uu isaa hubadhaa.

42 Guyyaa tokko waan ta'e nan yaadadha; isa gaafa sanaa gonkumaa hin irraanfadhu. Bakki isaa Saan Jooseeti natti fakkaata. Inni irribaa na kaasuuf dhufe an garuu, guyyota hedduuf hirriba dhabee waanan tureef akkan isatti dubbadhee ture hin barre. Inni garuu isatti himuu koo sirritti beeka. Inni boo'ee, " an gara manaa deemuufan jira" jedhe.

"Maaliif" jedhee yeroon gaafadhu inni immoo, " ati gara manaa deemuu hin dandeessu" naan jedhe; tajiijalatu naannoo sana jira kanaaf akkas naan jedha.

An yeroo sanatti ijoollee waanan ta'eef, akkas yaada kootti waanan murteessuuf, " gaariidha, amma daqiiqaa muraasa keessatti gara manaa akka deemnuuf nan qophaa'an" jedheen.

43 An akkuma isin yeroo bishaan daakaa baruuf shaakaltan, "Huhh, huhhh, huhhh" jechaa sodaachaa, gara golee hundumaatti daakuu suuta, suuta bartan sanattin hojii tajaajilaa bare.

Egaa, akkuma bishaanicha daakuu itti baraa dhuftaniin, ayyaanni isiniif in baayyata; ayyaanichis isin irraa fudhatamee qullaatti hin haftan. Ergasii booda egaa homtinuu booddeetti kan isin deebisu waan hin jirreef, golee hundumaatti in daaktu.

Amma bakka teessan kana gidduu daa'ima deemsa hin barin tokkoon toora kana gidduu asii fi achi dedeemi utuu ittiin jettanii, inni deemuuf yaalee yaalee dadhabee gaafa gamuuf itti dhiisa. Garuu namni guddaan adeemsa beeku inni akka keenyaa yeroodhuma deemnu iyyuu akka deemaa jirru utuu hin beekin deemna. Atileetonni fiiganis shaakala irraan kan ke'e tarii yeroo fiigan waan fiigaa jiran itti fakkaachuu dhiisuu danda'a. sababiin isaas ittiin wal baraniiru waan ta'eefi. Egaa mucichi kufaa ka'aa, kufaa ka'aa adeemsa in shaakala.

44 Gaariidha egaa, fayyinni waaqarraa fi lallabnis akkuma; al tokkoon miti kan itti dhufamu. Akkuma isa duukaa bu'aa deentan irraas barachaa deemu, irraa barachaa hin deentan yoo ta'e garuu dogoggora keessa jirtu. Amma egaa waaqayyoon dhugaadhummatti argachuun akkamitti akka dandaa'amu barachuutu isin irraa eegama.

Yeroo tokko tokko namoota akka nuuf kadhataniif waamnee, " namichi kun amantii ga'aa hin qabu, namichi kun akkana hin goone, akkas hin goone," ittiin jenna. Isa kanaaf egaa sababatu jira. Yeroo baay'ee namoonni tokko tokko zayita jaarkaanii guutuu itti naqanii, hamma laagaan isaanii babbaqaqutti iyyanii yoo isa ifatan iyyuu hafuurri hamaan isaaniif hin ba'u. Gochaa akkasii kana garuu har'aa kaastanii dhiisuu qabdu. Namni dibataa garuu salphaadhummatti, " waan sitti himame godhi, amma keessaa ba'I" jedhee keessaa baasa.

Gochi kun garuu haala salphaa kan waca hin qabneenidha. Egaa yeroo sanatti isaan obsa fixatanii, "Ahaa! Edaa anatu irratti hin kadhanne," in jedhu. Amma egaa nuyi karaan fayyinaa inni waaqarraa; inni dhugaan isa kam akka ta'e barbaaddachuu qabna.

45 Akkuman galgala darbe, "Kennaan gaariidha, garuu galma ga'iinsi jireenya barabaraa kennaa irratti hin hundaa'u," isiniin jedhee dha. Isin ol ba'aas gadi bu'aas miti, kennaan garuu, gadi bu'aadha. Seexanni kennaa Waaqayyoo fakkeessee kennaa namaaf in kenna. Inni guutummaatti kennaa Waaqayyoo fakkeessee namootaaf in kenna. Kanaafuu nuyi kennaa isa kam akka ta'e sirriitti adda baafnee ilaaluu qabna.

Akkuma yeroo kaanii waa'ee wacuu kana ibsuun fedha, yeroo hafuurri hamaan iyyu in argina, akkasumas yeroo inni afaan haaraa haasa'us in argina. Inni afaan haaraa sana isa dhugaa utuu hin ta'in isatti in fakkeessa. Namoonni gargar baasanii hin beekne tokko tokko akka isa "dhugaa" sanaatti isa dhugaati jedhanii in labsu.

Egaa isaan waa'ee fayyina waaqarraas akkasuma in godhu. Isaan akka yaadanitti, "Gaariidha, kun afaan dhoksaati," in jedhu. Inni waaqayyo jedhu inni dhugaan garuu, haqa qabeessaa fi amantii isa mudaa hin qabnee dha. Inni kun immoo cimsee isin in dhaaba; homtinuus bakka sanaa isin sochoosuu hin danda'u.

46 Amma egaa, Amantiin mul'ata waaqayyo irraa dhufedha. Amantiin mul'ata. Waaqayyo ayyaana isaatiin amantii isinitti mul'ise malee ofii keessaniin waan gootan tokko iyyuu hin qabdan. Ayyaana Waaqayyootiin isiniif kenname malee ofii keessanii dur

amantii hin qabdan turtan. Manni qulqullummaan Waaqayyoo mul'ata irratti ijaarame.

47 Tajaajilaan waldaa warra Baaptistii tokko, "An mul'ataan nan morma" naan jedhe.

Yeroo sanatti an immoo," Ati egaa wangeelaan in mormita, Kiristoosiin in mormita, sababiin isaa Inni mul'ata waaqayyooti. Inni Waaqayyotu foon uffatee mul'aten" jedheen. Kanaafuu, Waldaan hunduu mul'ata irratti ijaarame.

Yesuu, " Namoonni ilma namaatiin maal jedhu" jedhee gaafate. Inni bartoota isaatti dubbachaa ture, " kaan isaanii, 'Yohaannis cuuphaadha' jedhu, kaan ' inni Eliyaas,' inni Ermiyaas yookiis raajota keessaa tokko' jedhu.

Yesuu immoo, " isinoo eenyu naan jettu?" jedhee gaafate.

Phexros, "Ati Masiihicha, ilma waaqayyoo isa jiraataati" jedhe.

48 Warri kaatolikii Roomaa, "Inni Phexrosin, 'dhagaa kana irratti waldaa koo nan ijaara' jedhe" jedhu.

Warri pirotestaantii immoo, "Inni waldaa isaa irratti ofii isaa ijaare" jedhu.

Egaa isaan lachuu sirrii ta'uu danda'u, akka kootti garuu lamaan isaanii iyyuu sirrii miti. Waldaan isaa hafuura mul'ataa isaa isa inni ture irratti ijaarame. Phexrosin, kana abbaa koo isa waaqa irraatu sitti mul'ise malee, yaadi nama foonii sitti hin mul'ifne, ati dhagaadha; anis dhagaa hin sochoone kana irratti (mul'ata isaa kana irratti) waldaa koo nan ijaara, gooftummaan du'aas matumaa waldicha irratti humna hin godhatu hin mo'us " ittiin jedhe. Balballi du'aa kan waldichaan mormu akka jiru asi irratti ifa baasee in dubbata.

49 Abeel amantii dhaan, mul'ataan (wangeela bara ammaa keessatti barreeffamee hin jiru)... Abeel amantii dhaan aarsaa gaggaarii isa kan Qaayin caalaa waaqayyoon gammachiise dhiyeesse. Abeel nama qajeelaa ture, akkamittiin? Amantiidhaan! Akkamittin? Mul'ataan! Abeel mul'ataan firii bakkee keessaa utuu hin ta'in dhiiga, wanta babbayeesa dhi'eessuun akka isa irra jiru arge.

Egaa isa kanaafi kan namoonni tokko tokko amananiif, kaanis hin amanneef, kaanis immoo amanuuf yaalii godhaniif.

50 Bakka namoonni kadhataaf walitti qabamanitti, namoota gaggaarii baay'ee argitaniittu. Kaan kan itti amanuuf isaan rakkise argitu, kaan immoo utuu amanuuf yaalii godhanii argitu, isaan kaan immoo gonkumaa hin amanan. Muraasni isaanii garuu warri ayyaanni isaaniif baay'ate amananiiru. Amma egaa garaa garummaa isaa hubattanii? Inni kun mul'ata dhugaati . sababiin isaa amantiin mul'ata waaqayyo biraa kennamuudha. Kanaaf inni dursee mul'achuu qaba.

51 Yesuus waa'ee kanaa ifatti dubbateera akkas jedhee, " Abbaan inni ana erge yoo isa harkisuudhaa baate, homtinuu gara koo dhufuu hin danda'u; isa gara koo dhufu immoo ani guyyaa isa dhumaatti du'aa isa nan kaasa" jedhe. As irratti, " Abbaan koo yoo isa harkisuudhaa baate," jechuun isaa, " Abbaan koo yoo ana isatti mul'isuudhaa baate," jechuu isaati. Yoh 6:44-46 tti dubbifadhaa. Isaan inni eenyu akka ta'e isa hin barre. Isaan isa namuma taraati se'an, isaan akkuma raajota si'anaa kana isa se'an, inni raajiis namas ture; garuu namarras raajiirras kan chaalu ture.

52 Galgala darbe yeroo waa'ee kitaaba isa "Kitaabota jireenyaa lamaan" jedhu dubbifan xiqqoo wal isin dha'uu isaa hubadheera. Lamaanuu tokkuma garuu, inni tokko uumamaan dhalachuu yoo ta'u inni kaan immoo hafuuraan dhalachuu keessan ibsa. Akkuma qola sanyii qamadii, inni tokko gara isa kaaniitti nama geessa. Yeroo walitti dubbannu kamiyyuu akka nama jiraataa tokkootti wal ilaalaa natti dubbattu. Garuu namummaan koo kun du'ee baduuf jira. Inni kun kitaaba isa maqaan koo irraa cite ba'uudha. Garuu inni bara baraa, inni durumaan ture , inni fo'atame, maqaa isa kitaaba sanarraa dhufu miti. Sababiin isaa inni yeroo hundumaa isa fo'atame sana irratti barreeffamee waan jiruufi. Inni kun gonkumaa irraa haqamuu hin danda'u. wal dha'iinsa kitaabicha keessatti isin mudate amma akka hubattan abdiin qaba, sababiin isaa obboleessi keenya Vaayileen inni seerluga barreeffama kitaabichaa irratti hojjete na yaadachiisee waan tureefi.

53 Waldaan warra Baaptistii macaafa lamatu jira jedhanii amanu. Karaa tokkoon macaafota gargar ba'an lamatu jiru, karaa biraa immoo kan gargar ba'an lama miti. An nama garaa garaa lamadha; foon, lubbuu fi hafuuratu walitti ida'amee ana ta'e.

Kitaabni jireenyaa inni dhugaan tokko qofaatu jira. Akkuma sanyiin qamadii jirma isaa keessaa ba'ee, hoffaa isaa keessaa ba'ee akkasumas qola sanyii keesaa ba'ee firii qamadii kennuuti. Erga wantoota kana hundumaa keessa darbee booda, ilaa kun "Qamadiidha" jenna. Innis firiwwan qamadii jirma tokkorra jiraniidha. Inni nuti dubbachaa jirru garuu, qamadii isa erga caleeffamee booda arginuuti. Warri hafan kaan baattuu firii qamadii sanaa turan; isaan du'anii in balleeffamu. Kanaaf, maqaan keessan Macaafa Hoolichaa irratti barreeffamee waan jiruuf bakka biraatti barreessisuun hin barbaachisu. Inni mul'ata guddaa isa yummuu isin chaapawwan turban sanaa itti mallatteeffamtaniidha. Namoonni kaan isa kana akkamitti amanuu diduree?

54 Kanaaf hubadhaa egaa, "Abbaan koo yoo isa harkisuudhaa baate gara koo eenyu iyyuu hin dhufu. Warri abbaan koo ana kenneef hunduu gara koo in dhufu." namni kamillee eenyuun akka Inni ta'e, maal akka Inni ta'e, hubachuu hin danda'u, yoo mul'anni Waaqayyoo isaanitti mul'ise malee. Egaa amanti isa keessa jiruun akkuma inni isin ajajetti in raawwattu. argitanii? As irratti salphaadhumatti Waaqayyoo karaa Yesuus akka mul'atee fi warri akka isa arganiif durumaan akeeka waaqayyoo keessa turan qofti kan isa argan ta'uu isaati. caaffata qulqulla'aa kana dubbifachuu hin irraanfatinnaa. An irrann darbaatii, isin garuu Yoh 6:44-46 tti booda dubbifadhaa. keessa gadi seenuuf yeroo waan natti fudhatuuf an bira darbeera, isin garuu dubbifadhaa.

kanaaf egaa, isin hubadhaa, "Namni tokkollee, namni tokkollee yoo Abbaan koo isa harkisuudhaa baate gara koo dhufuu hin danda'u. warri Abbaan koo naaf kenne hunduu gara koo in dhufu." Isaan isa kana in hubatu. Namni kan biraan isa kana hin godhu. Hammam nama gaarii yoo taatan iyyuu, inni isintti mul'achuu qaba. sana booda egaa Yesuus Kiristoos eenyuun akka ta'e in bartu.

55 Amma egaa, akeekni Waaqayyoo daandii sirrii fi salphaatti kan hubatamuudha. Akkuma sanyii midhaanii, sagaleen waaqayyoo facaafamuun dura lafti isaa sirriitti qophaa'uu qaba. Akkasumaan sanyii lafa irratti yoo facaafatan gaarii miti sababiin isaa, simbirroonni funaannachuu waan danda'aniif, haramaa fi qoraatti keessatti yoo facaafatanis isaan yeroo muraasa keessatti hudhanii in baleessu. Yesuus waa'ee sanyii kana fakkeenyaan dubbateera. Kanaafuu lafti qonnaa sun dursee qophaa'uu qaba. Egaa , Waaqayyoo ayyaana isaa isa birmaduutiin laphee namootaa dursee qopheesse. Umurii keessan kanatti akka isa fudhattaniif, inni dursee isin qopheesse. Inni dursee isin beekuu isaatiin dursee jireenya barabaraatiif isin muuddate.

56 Sababii kanaaf egaa, isin haala kanaan waantoota kana keessaa baatanii haala amma keessa jirtan kanatti dhufan. Bakka itti muudamtan kanatti waaqayyotu geggeessee isin fide. Utuu lafti qotiisaa kun dursee hin qophoofne ta'ee, biqilaan kun hin guddatu ture. Sanyii amanti facaasaa waan jiruuf; waa'een amanti isinitti lallabamaa waan jiruuf, warri dibaman kennaa Wangeelaatiin akkamitti hojjechaa akka jiran ilaalaa! Isaanis, "Oo, Haaleluyyaa, kana nan amana" jechaa jiru ol ka'anii ulfina isaanii gatani. Hubadhaa egaa, lafichi dursee qopheeffamee waan muudameef, inni immoo guutummaatti isaan dhuunfate.

57 Cuucii allaattii dheengeddaa wajjin wal fakkaata. Inni yummuu haati isaa iyyitetti sagalee haadha isaa warra kaan keessaa gargar baasee in dhaga'e. Sagaleen allaattii sagalee Indaaqqoo irraa garaa garummaa qaba. Inni hanqaaquu allaattii keessaa waan ba'eef sagalee haadha isaa adda baasee in beeka. Kiristaanonni yeroo hundumaa walii wajjinnin jiraatu. Sababiin wal hiikuu ga'elaa, durumaan kiyyoo wal hiikuu isa maatii keessan jalqabaa, Addaamii fi Heewaan iraa dhufe keessatti qabamanii jiraniifi. Isin uumamaan cubbamaa akka taatan hin beektan, as erga dhufanii garuu Wangeela irraa bartaniittu. "Amantiin dhaga'uudhaan dhufa", mul'anni dhaga'uudhaan dhufa. Wanti muraasni wayii keessa keessan jira.

Namni biraan bukkee keessan taa'ee, "Ahaa! Waan gurmuun kun jechaa jiru hin amanu, waan hin taanee wayiiti! Waan kanatti hin amanu." Jechuu danda'a.

58 Guyyaa shantammaffaa sanattis akkasuma godhaniiru. Isan kokkolfaa , "Isaan daadhii wayinii quufan" jedhu turan. Wanti ta'e kun dinqii guddaadha; waaqayyoo ofii isaa tokkoo tokkoon isaanittii of mul'isuu isaa akka ta'e in beeku. Yummuu isaan gammadaa turanitti warri kaan immoo isaanitti kolfaa turan. Inni mul'ata amanti isa dhuunfaa dhuunfaan isaanitti mul'ate ture. Inni amanti miti utuu ta'ee achitti hin argamu ture.

59 Egaa, sanyiin facaafamuuf duraan dursee lafti isaa qophaa'uu qaba. Kaanaafuu, "Waaqayyoo warra duraan dursee beekke isaan fo'ate waame." Inni hunduma keenyaaf isa

kana nuuf dhugoomse. Inni dursee ulfeeffameera, toora isaa keessaas homtinuu ala isin hin baasu. Isa kana immoo caaffanni qulqulla'aan dhugaa nuuf in ba'a. wanti hundumtuu akka sagalee waaqayyootti in raawwata. Yeroo amma kana garuu akka fedha namaatti raawwachaa jira. Macaafni qulqulluun kun ta'uuf akka jiru dubbateera. Dhugaadhumatti wanti kam iyyuu akka waaqayyo jedhutti raawwatamuu qaba.

60 Oo, inni kun adeemsa gammachuu isin deemsisuu qaba. Nuti kiristaanota warra biraa irraa adda waan taaneef yeroo hundaa rakkoo keessa jirra. Inni dhugaan, mul'anni Yesuus kiristoos inni dhugaan, Amaanu'eeliin laphee keenya keessa buufatee jira. Nuti namoota moofaa turre, garee amantiitiinis marfamnee turre. " Oo, isinattan himaa, isaan mul'aticha hin arganne. Isin garuu isaan keessaa kottaa ba'aa!" isin mul'ata isaanii irratti hundoofanii jirtu. Mul'ati isaanii, kan koos akkasumas kan nama kamii iyyuu akka sagalee waaqayyootti miti yoo ta'e, inni dogoggora. Inni kun egaa bakka kufaatiin irraa dhufuudha. Sagaleen waaqayyoo mul'ata isa kamtu sirrii akka ta'ee fi isa kamtu sirrii akka hin taane adda in baasa.

61 Sanyiin kamiyyuu lafa qonnaa kan mataa isaa in qabaata. " kanaafuu, warra duraan dursee hundumaa..." wantoota ta'aa jiru kana hundumaa inni dursee in beeka. Hubadhaa! Yesuus waa'ee sanyii kanaa yeroo dubbatetti, " Isaan kaan dhagaa irra in bu'u, isaan kaan immoo lafa irra in bu'u" in jedha. Ilaalaa egaa, isaan haramaa fi qoraattii keessatti facaafaman hin margan, isaan lafa qonnaa isa biyyoo gaarii ta'e irratti facaafaman garuu sirriitti in margu.

62 Namoonni bakka kana hin jirre hunduu, daandii ittiin keessaa ba'an barbaadaa jiru. Akkuma cuucii lukkuu manicha keessaa ba'uu in barbaadu. Sagalaleen cimaan tokko ariitiidhaan waaqa keessaa in dhufe, " Inni kun sagalee waaqayyoo ti" jedhee in hubate. Sababiin isaas inni dursee waan itti mul'ateef laphee isaa keessatti wanti tokko dhaga'ameera.

63 Hubadhaa, Isaayaas raajichi " durbi in ulfoofti jedhe," kun nama hundumaaf keessummaadha. Mee akkamitti yaada sammuu isaatiin kana jechuu danda'a? Durbi takkumaa durbummaa isheetiin ulfooftee hin beektu. "Durbi in ulfoofti" jedhe malee, akkamitti akka isheen ulfooftu baruun hojii isaa hin turre. Inni waan Waaqayyo jedhi ittiin jedhe qofa dubbata ture. Waaqayyotu isatti mul'isee, mul'ataan isatti hime.

64 Waaqayyo isuma yeroo sana dubbachaa ture sanatu, namichi dhala durbaa dhabe, ishees akka argachuu dandeessu natti dubbate. Yeroo doktooronni kun hin danda'amu jedhanitti waaqayyo immoo, " lakki kun in danda'ama" jedhee waan yaada namaatti keessummaa ta'e dubbate.

Waaqayyo yummuu, "kun in raawwata" jedhu dubbii isa biraa dhufu irratti hundaa'ee, isa jedhe in raawwata. Hubadhaa, waaqayyo raajicha keessaan dubbataa ture.

65 Akkuma kana Waaqayyo uumama 1 keessatti, " Ifni haa ta'u, kun haa ta'u, sun haa ta'u" jedhe. Nama akka fakkaattii isaatti in uume; dhiiras dubartiis. Yeroo sanatti homtinuu lafa kanarra hin turre. Uumama 2 keessatti waaqayyo akka fakkaattii isaatti nama uumuu isaa argina. Amma yeroo inni nama uumeetti dachee kana irra namni hin turre. Inni egaa sagalee isaatiin dubbachaa ture. Sagalee isaatiin dubbatee, "Ifni haa ta'u" jedhe. Tarii waggoota dhibba saddeetiif ifni hin turre ta'a, garuu yeroo Waaqayyo jedhetti ifni in ta'e. Inni mukti Ejersaa haa ta'u, mukti Qilxuu haa ta'u, kun haa ta'u" jedhe. Yeroo inni jedhettis hundumtuu ta'anii iji isaaniis qarqara bishaanichaatti biqiluu in jalqaban. Wantootni kun gaarii akka ta'an waaqayyo in arge. Sagaleen waaqayyoo yeroo waaqayyo jedhetti raawwata malee gonkumaa utuu hin raawwatin hin hafu.

66 Guyyaa tokko waaqayyo, fuulaa fuulatti Museetti dubbata ture. Kan namootatti dubbataa ture immoo Museedha malee Waaqayyoon miti. Museen du'ee owwaalameera. Kanaaf waaqayyo " kana caalaa, akka kanatti isaanitti hin dubbadhu raajiin isaaniif kaasa malee" jedhe. Kun mala waaqayyo yeroo hundumaa itti dhimma ba'uudha.

Amma egaa inni isin dura dhaabatee jiru kun raajii dha. Inni dandeettii yaada waaqayyoo jala jira, inni yaada sammuu isaatii jalatti qabamee hin jiru. Amma egaa, utuu an yaada mataa kootiinan dubbachaa jira ta'ee, an nama maraateedha malee nama nagaa miti. Hubadhaa, namni yaada sammuu isaatiin dubbatu, akkuma Hewaan isa gara seexanaa dhaggeeffatuuti.

67 Doktooronni, "Jiraachuu hin dandeessan, fayyuu hin dandeessan, hojii akkasii hojjechuu hin dandeessan," yummuu isiniin jedhan gara isaanii dhaggeeffattu yoo

taatan, akkuma sanyii lafa irra bu'ee ija gaarii hin godhitin hafe sanaa in taatu. Garuu yummuu wanti tokko bakka sanaa isa baasee, iddoo lafa gaariitti baasee isa dhaabu, eenyumtuu iddoo sanaa lammata dhiibee isa baasuu hin danda'u.

Yeroo hammamii yoo fudhate iyyuu, utuu hin raawwatin hin hafu. Amma egaa, " Durbi in ulfoofti" jedheera. Wanti dubbatame kun waggoota dhibba saddeet booda akka raawwate beektuu? Egaa Waaqayyo dubartittiin eenyu akka taate maqaa ishee wajjin dursee ishee beeka. Sanyiin sun ishee keessatti akka biqilu inni dursee beeka. Kana in amantuu? Dhugaadhumatti inni dursee kana hundumaa in beeka. Wanti dinqisiisaan gadameessa dubartii keessaa ba'uuf akka jiru Waaqayyo duraan dursee in beeka. Inni raajii isaa isa amanamaatti mul'atee sagalee isaa isatti in dubbate. Inni immoo maal akka inni ta'e iyyuu utuu itti hin yaadin, isa dhaga'e sana akkuma jirutti dabarsee in dubbate. Inni dubbii Waaqayyoo kana qoree hin ilaalle.

68 Namoonni warri jecha Waaqayyoo qorani ilaalan bara isaanii hundumaa okkolaa jiraachaa turan. Doktoori keessan, " carraan kun hin danda'amu isiniin jedheeraa?" hamma beekumsa isaatti inni kun egaa dhuguma hin danda'amu.

Garuu yummuu Waaqayyo ayyaana isaatiin haramaa sana keessaa buqqisutti inni in danda'ama. Kunis kan raawwatu lallabaadhaan yookiis nama biraatiin utuu hin ta'in, yeroo Waaqayyo mul'ata, " ani fayyuufan deema" jedhu laphee isaa keessa kaa'uu dha. Egaa homtinuu isa kana irraa isin hambisuu hin danda'u. Egaa amma yeroo inni waaqayyo jedhe ga'utti, akkuma doktoori keessan jedhetti in jiraattu. Amma guyyaan furamuu keessanii ga'utti akkuma sanatti jiraachuu itti fuftu. Egaa duraan dursee ayyaana Waaqayyootiin duraan dursee isinitti mul'ifamuu qaba.

69 Hubadhaa, dubartittii waaqayyo duraan dursee eenyuun akka taate in beeka. Yaadadhaa, Isaayaas Waaqayyotti gaaffii hin dhi'eessine. Isaayaas, " daqiiqaa xiqqoo na eegi gooftaa! Turii xiqqoo na eegi! Maal jettee? Lakki wanti akkasii takkaa ta'ee hin beeku yaa Abbaa" hin jenne.

Inni hin shakkine. Dhugaadhumatti, " durbi in ulfoofti" jedhe malee.

70 Hubadhaa, Maariyaam: " yaa gooftaa xiqqoo turi mee, anoo ammayyuu durbaa kun akkamitti ta'a, kun gonkumaa hin ta'u! wanti akkasii kun ta'ees hin beeku! An akkamittan mucaa kana godhachuu danda'a? dhiirri na bira hin geenye waan ta'eef kun gonkumaa ta'uu hin danda'u. Oo, Oo, lakkii, Yaa ergamaa Waaqayyoo doggortetta" jette.

Isheen, " wanti kun akkamitti ta'uu danda'a anoo dhiira bira ga'ee hin beekuu" in jette.

Inni immoo deebiseefii, " hafuurri Waaqayyoo sirra in golbooba. Inni kun egaa akkataa itti wanti kun raawwatuudha" ittiin jedhe.

Isheen dhuma irratti, " An garbittiin gooftaa, kunoo asan jira, akka ati dubbatte naaf haa ta'u," jette. Kana booda akka duraatti gaaffiin hin jiru!

71 Isaayaasiin ilaalaa, yeroo Waaqayyo sagalee isaa mul'ataan laphee isaa keessa buuseti, sagalichi lafa sirrii irratti darbatame. Inni raajii ture. Raajichis waa'ee ogummaa namaattii dhimma hin qabu. Inni waa'ee falaasama namaattii dhimma hin nqabu ture. Inni waa'ee dhimma nama kamii iyyuu hin qabu ture. wanti inni dubbatu nama haa miidhuu, haa dhiisuu inni kun dhimma isaa hin turre. Wanti inni dubbatu nama haa maraachuu, haa dhiisuu, inni kun dhimma isaa hin turre. Inni dubbachaa ture sun Waaqayyoodha malee nama miti.

72 Sagaleen isa keessaa ba'e sun egaa sanyii ta'ee iddoo tokko irra bu'uu qaba. Waaqayyo erga jedhee gadameessi inni itti maxxanu jiraachuutu irra jiraata. Akkuma inni dubbate, " wanti hundinuu warra isatti amananiif in danda'ama. Mamii tokko malee, ' Tulluu nana socho'i' yoo ittiin jettan" inni in socho'a.

Hubadhaa! As irratti kan arginu Isaayaas kana dubbachuu isaati.

73 Dubroon Maariyaam egaa, lafa sanyicha irra dhaabuuf qophooftedha. Isheen durba turte; isa kana isheen hin dhoksine. Lafichi egaa durumaan dursee akeekaa fi beekumsa Waaqayyootiin qophaa'e.

Inni, " Isheen durba turte" in jedha. Yeroo sanatti maqaan ishee eenyutti moggaafamuuf akka jiru Waaqayyo dursee in beeka. Maqaan ishee galmee jireenyaa isa Waaqa irraa irratti caafamee jira.

Wanti falmisiisaa ture sun egaa amma in dhugoome. Namni egaa hojiin tokko hojjetamee erga ifa ba'ee booda nama irratti arga. Erga hojichi xumuramee, " eeyyee, raawwateera" in jenna. Sababiin isaa gochi sun raawwachuu isaa waan qabatamaatti argeefi.

74 Hojiin Nohi inni amantiidhaan waaqayyo biraa abdachiifame nama biratti mul'ate. Amma egaa Waaqayyo Nohiin, "Nohi bishaan badiisaa fiduufan jedha. Guutummaa biyya lafaa kana bishaaniin nan balleessa." Bokkaan akkasii roobee waan hin beekneef akka yaada namootaatti inni kun gonkumaa ta'uu hin danda'u. Yaa Nohi egaa, " markaba isa an safara isaa sitti himu hojjedhu" ittiin jedhe. Nohi egaa hojjetaa mukaa in ta'e, hojjaa fi dalgee markabichaa wal qabsiisee leeleedhaan maragee akka Waaqayyo isatti hime hundumaatti markabicha in qopheese. Namoonni waan isaan jedhanii Nohitti qoosaa turan beektuu?

Isaan, " namichi kun dhuguma in maraate. Sababiin isaa ' inni bishaan badiisaa waaqa keessaa in rooba' in jedha garuu meerre nuti hin argine" jedhanii in qoosu turan. Nohi garuu waa'ee jecha isaanii kana homaa tokkotti iyyuu hin lakkoofne. Hojiin isaa amanti isaatiin waan waaqayyo jedhe ifatti baasuuf akka jiru waan beekuuf homaattuu hin lakkoofne. Egaa, kiristaanni inni dhugaan namni waan barbaade yoo jedhe iyyuu, gara namaa dhiisee gara sagalee Waaqayyoo qofaa dhaggeeffachuutu irra jira. Namni waan barbaade iyyuu siin haa jedhuutii akka sagalee isaatti dhaabadhu. Nohi utuu isaan irraa adda of hin baafne ta'ee, raawwatee isaan biratti hin beekamu ture. Inni utuu isaan irraa adda hin bane ta'ee, gara boodaatti mucucaatee warra kaanitti in makama ture. Inni amanaa isa dhugaa ture. Kanaafis sagaleen Waaqayyoo isa keessatti hidda gadi fageeffatee in dhaabate. As irratti kan arginu Nohi guyyaa bishaan badiisaa sanaaf dursee akkamitti qophaa'aa akka turedha.

75 Museen ulee harka isaatti qabatee saba isaa harka Fara'oonii baasuuf dhufe. Akka wangeelli jedhutti Museen ogummaa fi falaasama warra Gibxii barateera. Isaan ogummaa isaanii hundumaa isa barsiisaniiru. Barsiisaa fi ogummaa barate kanatti qabamee inni hin jiraanne. Inni lafa onaatti yummuu galetti Waaqayyo isatti mul'atee, "Musee, ulee kana fudhuutii gara biyya Gibxiitti gadi bu'itii ijoollee koo achi keessaa naaf baasi. Ulichaanis haxoofttee isaan in baafata" ittiin jedhe.

Egaa," Museen, obboo, turi mee xiqqoo! ' An isa jiraataadha' isa ofiin jedhu waliinan haasa'aa jira natti fakkata, Biyya lafaa kana irratti namni ulee jajallaa kana qabatee loltoota miloyoonatti lakkaa'aman, warra xiyya lolaa hidhatanii jiraan namni tokko akkamitti morkuu danda'a? An loltuu miti tiksituudha malee, an isa kana akkamittan gochuu danda'a?" hin jenne.

Gaffii akkasii tokko iyyuu inni isatti hin dhi'eessine! Maaliif? Maaliif? Lapheen isaa lafa sanyichaaf qophaa'e waan ta'eefi. Inni durumaan nama akeekni Waaqayyoo isa irra tureedha. "Waamichii fi kennaan qalbii jijjiirrannaan ala in raawwata." Waaqayyo Abrahaamiin yeroo waametti inni lafa sanyichaaf dursee qophaa'ee dha.

76 Museen ulee sana fudhatee gadi bu'ee saba isaa saba ormaa keessaa isaan baase. Yummuu inni ulee sana qabatee dhufee Fara'ooniin, "Gadi isaan dhiisi!" ittiin jedhe, inni hojii Musee isa inni amantiidhaan gochuuf jiru in arge. Inni amanti isa Waaqayyo abdachiisee isa abdachiises raawwatu sana qaba ture. Inni egaa saba sana geggeessuuf gadi in bu'e. namni kanaan dura waan akkasii biyya sanatti godhee hin beeku. Namni kana gochuu danda'us hin jiru. Museen garuu kana gochuuf nama mudameedha. Waaqayyo waan ta'uuf jiru dursee Abrahaamitti in dubbate. Yeroo guyyaan kakuu sun ga'ettis mucaan bareedaan simboo qabeessi in dhalate. Maatiin Amiraamii fi Yosheebed abboommii mootichaa hin sodaanne. Sababiin isaa lafichi duraan dursee waan qophaa'eefi.

Oo,yaa Waaqayyo, galgala kana lafa duraan dursee qophaa'e irrattin dubbachaa jira jedheen abdadha. Sanyiin an facaasaa jiru kun yoo lafa gaarii irra bu'e firii gaarii in godhata. Kana hin ta'u taanaan garuu akkasumaan dadhabuu in ta'a.

Har'as akkuma guyyaa sanaati. Isaan, " obboleessa koo Biraanhaam, akkuma yeroo sanaa isaan, isa keessa nu baasi" in jedhu. Inni akkusuma gara kiristaanummaa dhugaattis isaan in baasa. Ilaalaa, waan hundumaa itti fakkeessanii nama gammachiisuun in danda'ama. Garuu yeroo sagaleen Waaqayyoo inni dhugaan lafa isa sirrii irra bu'u, firii gosa sanyii facaafamee sanaa in godhata.

77 Museen hojiin isaa, amanti isa abdi Waaqayyootiin ifa ba'e; isa inni itti

amaneedha. Fara'oon waan hojjetame hundumaa arguu danda'eera. Inni yeroo sanatti Museen akkamittiin waan sana hojjechuuf akka jiru hin beeku ture. Garuun, Museen waan gochuuf jiru amantiidhaan in beeka ture. Kaanafis fuula mootichaa dura dhaabatee, ulee isaa qabatee, masaraa mootichaa keessa dhaabatee, "Ulee kanaan saba kana harka kee keessaa nan baasa" ittiin jedhe.

Museen nama dulloomaadha, nama waggaa saddeettamaati, inni nama collee akka atileetii miti. Inni nama dugdi gadi jedhe, nama harriin mataa isaa weerareedha. Isumatu egaa ulicha harkatti qabatee, "Anatu isaan gegeessuuf jiraatii saba kana gadi naaf dhiisi siin jedha 'Gooftaan,' yoo kana hin ngootu ta'e garuu Waaqayyo si adabuuf jira" mootichaan jedhe. Amen! Maaliif? Inni isa sodaateeraa? Xiyya tokkittii yookiin immoo eebboo tokkittiitu achitti isa hambisa ture hubadhaa! Inni hin sodaanne! Eessa dhaabatee, "Yaa Fara'oon, Waaqayyo si adabuuf jira" jechaa akka jiru sirriitti beeka.

Waaqayyo duraan, "Gara Tulluu sanaatti deebitee in dhufu" akka ittiin jedhe waan beekuuf gara gaarichaatti in adeeme.

Haaleluyyaa! Nuyis akkasuma xumurri adeemsa keenyaa eessa akka ta'e dursinee in beekna. Waaqayyo galma keenya nu abdachiiseera! Lagicha gama egaa, lafa itti galumsaatu jira. Isa kana egaa sodaa tokko malee dhugaa ba'aa! Amen! Inni isinitti mul'ateera taanaan isin warra sodaa hin qabneedha. Biyyi lafaa waan barbaade yoo isiniin jedhe iyyuuu isin hin sodaatinaa. dhugaan Waaqayyoo biraa dhufu isinitti mul'annaan wanti isin sodaachisu hin jiru.

78 Daawit furuursaa hoolaa ittiin tiksuun, amantii isaanii isa kan waaqayyoo, isa kan Isiraa'elootaa isaanitti mul'ise. Amma egaa, Goliyaad gama sanaan dhaabatee itti dhaadata, inni harka baay'ee Daawit irra caalaa guddaadha. Inni qubni isaa inchii kudha afur in dheerata. Inni hamma Arbaa in ga'a, Filisxeemota keessaa kan hamma isaa ga'u hin jiru. Gama kanaan immoo, Daawit nama baay'ee xinnaatu jira. Inni loltuutti dabalamuuf iyyuu umuriin isaa hin geenye. Inni baay'ee xiqqaa waan tureef isaan isatti fayyadamuu hin dandeenye. Obboleessi isaa garuu loltoota keessa jira. Goliyaad egaa gamaa bookkisuutti jira.

Amma egaa Daawit nama mul'ataati, yaadadhaa. Innis yaada isaatiin, " kunoo as loltoota Waaqayyoo isa jiraataatu lafa isaanii irra dhaabatee jira, kuunnoo gama sana immoo Filisxeemticha dhagna hin qabatintu dhaabatee nutti dhaadachaa jira" jedhee in yaade. Galgala kana egaa nuti "kaansarii, hokkolsiisaa" jennee isa in waamna.

Daawit nama Goliyaadiin gitu hin turre. Inni meeshaa waraanaa tokko illee of harkaa hin qabu. Tarii saggoon Goliyaad faana kudhan yookiin kudha lama bal'ata ta'a, Dheerinni isaa tarii faana kudha afur yookiin kudha shan dheerata ta'a, Eeboon isaa inni akka qarabaa qara qabeessi sun tarii faana digdama kan dheeratuu fi qarri isaa faana afur kan bal'atuudha ta'a.

79 Daawit inni xinnoon sun egaa, gogaa hoolaa yookiin gogaa re'ee fo'aa lamaan gamaa gamanni isaa hidhame qabatee gamana in dhaabata. Garuu inni dursee isatti mul'ateera! Inni dursee mul'ataan gutameera! Amen! Daawit akkas jedhe, " Waaqayyo inni afaan qeerransaa na oolche, inni boquu leencaa na oolche, amma Filisxeemticha kana harka koo keessa in buusa " jedhe.

Obbollooni isaa isa caalaatti wanta kana raawwachuu in danda'u turan. Saa'ool dura bu'aa fi geggeessa waraanaa ture. Garuu hubadhaa, inni kun isaanitti hin mul'anne. Ameen. Wanti kun akka raawwatu in amanu, Waaqayyo isa kana gochuu akka danda'u in amanu. Garuu isaanitti hin mul'anne. Daawititti garuu duraan dursee itti mul'ate. Kanaafuu iddoo sanatti garaagarummaa guddaatu jira. Dhugaadhumatti fayyisuun Waaqayyoo yoo isinitti mul'ate shakkii tokko malee fayyuuuf jirtu. An rakkina isin keessa jirtan hin beeku. Tarii lola Daawitii fi Goliyaadiin gidduu jiru caaluu danda'a ta'a wal falmiin isiniif rakkoo keessan gidduu jiru. Fayyisuun Waaqayyoo yoo isinitti mul'ate garuu fayyuuuf jirtu.

80 Hubadhaa, yummuu inni Daawititti mul'atetti, sodaan isa keessaa in bade. Innis, " har'a morma kee siraa nan mura" ittiin jedhe. Amen! Ariifadhu! Yaa Waaqayyoo keenyaa ayyaana keetiin yeroo murteessaa kanatti nu yaadadhu. Yaa isa guyyaa sanatti ayyana kee ergiteefii mucaa dugda goophoo sana fayyiftee, yaa isa gaafas laphee mucaa sanaa ilaaltee isa fayyiftee, yeroo murtooftuu kanatti dubartiin barchumaan dhufte kun akkasumas namichi gama sana taa'ee jiru sun rakkinaa fi dhukkuba isaanii irraa haa furaman. egaa yeroo hammamii akka fudhatee...

81 Hubadhaa, inni ulfaataan sun yoo kaansarii ta'e iyyuu, isin amanaa malee inni in buqqa'a. Goliyaad kokkolfaa, "An sareedhaa? Kan na loluuf daa'ima natti ergite? Mee, gara kootti as adeemi! Amman foon kee allaattota waaqa keessa balali'anii fi bineensota caakkaatiif godhaa" Daawwitiin jedhe. Maaliif, inni meeshaa lolaa hundumaa of harkaa waan qabuuf.

Garuu hubadhaa! Jechi isaa kun Daawwitiin dhaqna irra hin yaane. Maaliif? dursee isatti mul'ateera waan ta'eef. Daawit waan gochuuf jiru sanaaf amantii qaba ture, Maal gochuuf akka jiru inni sirriitti in beeka ture. Inni morma isaa irraa in mure, Sababiin isaa inni eessa akka dhaabachaa jiru dursee waan beekuufi.

Har'a egaa waaqayyo laphee keessanitti gadi bu'ee, "siree kana irra lammata hin ciifan, har'a fayyinni isiniif in ta'a" isiniin yoo jedhe wanti yaada sammuu keessanii jijjiiruu danda'u hin jiru.

Garuu amma inni kun raawwatutti warri biyya lafaa kanatti lallaban hunduu in kadhatu. Inni kun isin hin gargaaru jechuu koo miti, inni kun jajjabina isiniif in kenna. Garuu yoo amantan humni fayyisuu sun isinuma keessa jira. Fayyinni lallabaadhaan dhufa utuu hin ta'in amantiidhaan, mul'ataan dhufa. "Humnaan miti hafuura kootiin malee" jedheera Gooftaan. "Hafuura kootu karaa ayyaana isaa kana sitti mul'ise" kanas eenyu illee sirraa fudhachuu hin danda'u. Daawit egaa amantiidhaan, mul'ataan hojii isaa mirkaneesse.

82 Warri kaan isaan, "Nuyi si beekna, kashalabbee akka ati taate" ittiin jedhan. Obboleessi isaa ati lola ilaaluuf as dhufte, amma dafiiti hoolota tiksuutti deebi'i" ittiin jedhe.

Inni immoo, "Mee, Saa'ol ajajaa waraanaa haasofsiisuun barbaada" in jedhe. Argitanii?

Saa'ol immoo, "Amma yaa ilma koo, jajjabina kee kana nan dinqisiifadha. Argitee? Ati dargaggeessa homaa tokko iyyuu harkaa hin qabneedha. Inni loltuu jabaadha, ati isaa wajjin wal hin gittu gonkumaa" ittiin jedhe.

Daawit, " An hoolota abbaa kootii iyyuu eegaan ture..." Isaan jedhe. Inni kun bu'uura isaaf ta'e. Ameen! Oo, obbolloota koo! Waaqayyo inni lubbuu keessan du'a irraa oolche qaama keessan immoo fayyisuu dadhabaaree? Mul'anni isaa isiniif haa dhufu malee inni hin jijjiiramu, isuma sanadha. Inni akkuma lubbuu keessan du'a oolche har'a immoo dhukkuba keessan irraa isin in fura. Garuu, dursee fayyisuun isaa isinitti mul'achuu qaba. Amantii keessan irratti kan bu'uureffame ta'uu qaba.

Isaan yeroo sanatti, "wanti akkasii kun takkaa ta'ee hin beeku" in jedhan.

Inni immoo, "Waaqayyo inni mangaagaa Leencaa na oolche, har'a immoo Filisxeemticha dhaqna hin qabatin kana harka koo keessa in buusa" jedhe.

Isaan, "Kana akkamitiin beekata?"

Inni, "An isa nan amana"

Isaan, "Akkamitti"

Inni, "Inni anatti mul'ateera" in jedhe.

Daawit waa'ee maalii akka haasa'aa jiru in beeka ture. Sababiin isaa inni yeroo inni an jabaadha ofiin jedhu sun, "Soora allaattii si gochuufan jira" ittiin jedhu, inni immoo, "Morma kee sirraa muruufan jira" ittiin jedha ture. Garaagarummaa isaan gidduu jiru argitanii? Daawit waan dubbate sana immoo in raawwate.

83 Warri Filisxeem kun guyyaa tokko Siimson qabuudhaaf, namoota kumaatamatti lakka'amaniin in dhufan. Yummus inni mangaagaa harree ho'aa lafaa argatee, Filisxeemota mataa mataa isaanii dha'ee wal irra in naqe. Hubadhaa, 'koffiyyaan' mataa isaanii irraa hamma inchii tokkoo in yabbata ture. Sababiib isaan isa uffataa turaniif immoo, yeroo sanatti isaan kilabii wal dorgommii waraanaa keessa taphachaa waan turaniifi. Siimson garuu mangaagaa harree tokkittiidhaan mataa isaanii dha'ee namoota kuma tokko ajjeese. Mangaagaan harree sunis hin cabne. Filisxeemonno warri hafan immoo isa baqatanii, holqa dhagaatti in duudan. Maaliif kana godhe Siimso? Nama mul'ataa waan ta'eef, nama amantii!

Waan kan biraa tokko isinitti himuun barbaada. Akkuma Iyyaasuu, akkuma Maariyaam ishee Magdaalaa sanaa, waan yeroo sanaaf barbaachisu harkatti qabachuu

isin barbaachisa. Waan yeroo sanatti gochuun isin irraa eegamu gochuutu isin irraa eegama.

84 Eeyyee, egaa inni Siimsonitti waan mul'ateef, inni immoo Filisxeemota kumaan lakkaa'aman wajjin loluuf ba'e. Yeroo sanatti warri Filisxeemotaa maal jedhan jettanii yaaddu? "Ilaalaa, namichi gad deebiin sun dhufaa jira, hojjaan isaa iyyuu faana afuriif walakkaadha. Inni akka daa'imaa daabee torba dugda isaa irra gadi buufatee dhufaa jira, ilaalaa! Lafee mangaagaa harree qabatee as nutti dhufaa jira, Mee, nuyi immoo ilaalaa! Lotoota jajjaboo akkamii akka taane. Inni waan nama kofalchisu; hodhobaa wayii mitiiree?" isaan jedhan. Garuu Siimson maal gochaa ture yeroo sanatti? Inni waan Waaqayyo isatti mul'ise isaanitti mul'isaa ture. Inni mangaagaa harree butatee wal irra isaan naqe. Sababiin isaa inni mul'aticha harka isaa keessaa qaba waan ta'eefi. Kana gochuu isaatiin Waaqayyon warra Filisxeemotaatti mul'ise.

85 Yohaannis cuuphaan yeroo, "Inni kunoo isin gidduu dhaabatee jira" isaaniin jedhe, amantii isaa hojiidhaan agarsiise. Yoh 1:26 dubbifadhaa!

Isaan Yohaannisiin, "Ati, 'Masiihichi dhufaa jira' jettaa?" Isaan, "Namicha nana maal taate? Nuyi waggaa kuma afur guutuu isa eegnee dadhabne" in jedhan.

Inni immoo, "Inni amma iyyuu isin gidduu dhaabatee jira" isaaniin jedhe. Haaleluyyaa! Inni galgala kanas as nu gidduu dhaabatee jira.

Yohaannis amantii isaa mul'inatti ibse. Sababiin isaa masiihichi harka isaa keessatti akka cuuphamu inni dursee waan beekkeefi. Yesuus nama waggaa soddomaa ture. Innis isaan gidduu akka inni jiru in hubate. Inni eenyuun akka ta'e garuu adda baasee hin beekne. Garuu namni kun isaan keessa dhaabatee akka jiru inni beeka ture. Yohaannis, "Ani bishaaniinan isa cuupha, inni isin hin beekne garuu isin gidduu dhaabata. Inni na booddee in dhufa; ani immoo hidhaa kophee isaatii illee hiikuundhaaf nama ta'u miti" jedhee isaaniif in deebise. Inni amantii isaa ifatti baasee in mul'ise. Inni yeroo sanatti Masiihicha Waaqayyoo argee isa in cuuphe. Ilaalaa! Namoonni achi jiran mul'ata isa irra jiruu fi akkamirrtti akka inni lallabaa ture, akkasumas wanti inni jedhe hunduu yummuu hojiidhaan raawwatu in argan. Inni egaa mul'ata isa dhugaa Waaqayyoon biraa dhufe ifatti mul'iseera.

86 Namoota sonaan baay'ee keessaa Masiihichi achii as in ba'e; isa inni dubbachaa ture sana dhugoomsuuf. Namni as ba'e sunis namuma akka isaanii; dargaggeessa akkuma isaaniitti uffatee turetu as ba'e. Yohaanniis, "Ilaa, hoolicha Waaqayyoo, isa cubbuu biyya lafaa irraa fuudhu" in jedhe.

Isaan, "Akkamittiin isa beekuu dandeesse?" ittiin jedhan.

Inni immoo, "Inni lafa onaa keessatti natti dubbatee, 'yummuu hafuurri qulqulluun irra bu'u inni ati argitu sun Isa hafuura qulqulluudhaan cuuphuudha' jedhee natti dubbateera" isaaniin jedhe.

Ilaalaa! Inni milikkita duraan isatti himameen isa beekuu danda'e. Yohaannis waa'ee yeroo sanaa sirriitti in beeka ture. Sababiin kana beekuu isaa immoo inni raajii waan tureefi. Inni nama mul'ataa waan tureef, waa'ee yeroo sanaa sirriitti beekuu danda'e. Inni milikkita sana yeroo argetti, "Inni kunoo isin gidduu dhaabatee jira" isaaniin jedhe. Inni masiihichi akka achi isaan gidduu jiru in beeka ture.

Oo, milikinni bara dhumaa sun amma akka raawwachaa jiru nan arga. Wantootni ergaa bara dhumaatiif abdachiifaman hunduu, akkuma caaffata qulqulla'aatti utuu wal irraa hin citin raawwachaa akka jiran nan arga. Egaa yeroon sun dhume balbala irra akka ga'e nan arga. Isa kana immoo mamii tokko malee nan beeka. Yeroon isaa akka dhume nan amana. Sababiin isaa milikkitoonni guyyicha dura in mul'atu jedhamanii kaa'aman hunduu raawwataniiru.

87 Yohaannis amantiidhaan waan Waaqayyo isatti mul'ise ifa baase. Kanaafuu, hojiin dhuga ba'umsa amantiiti. Isaan yummuu fayyuu kee argan amantiin si keessa jiru akka si fayyise in baru.

Maal jedhee dhugaa ba'a namni fayye? Inni, "Amma fayyina argadheera, sababiin isaa, Waaqayyo isa naaf kakatee ture naaf raawwateera, ani immoo akka inni naaf raawwatuuf durumaan of qopheessaan ture" Kan jedhuudha. Inni kun egaa dhugaadhumatti dhuga ba'umsa fayyinaati.

88 Yeroon gara Afirikaa deemee ture, isan birraa darbe deemee ture dura, mucaa

xiqqaa kan uumamaan miilli isaa inni tokko miilla isaa kan biraa irra gabaabaa tokkon arge. Miilli isaa inni gabaabaan sun bara jireenya isaatti iyyuu kophee itti uwwisuuf hin dandeessisu. Oo, akkaataan uumama miilla isaa waan nama naasisuudha. Halkan gaaf tokkoo mucichaaf nan kadhade. Namoonni achi jiranis in kadhataniif. Ganama isaa akka tasaa mana kophee yeroon deemu abbaan mucichaa kophee miilla lamaanii mucichaaf bitaa jira. Uuuu! Yaa amanti isaa!

Abbaan mucichaa egaa akkuma namicha isa dhala akka argatuuf Waaqayyoon amanatee, mucaa Waaqayyo kenneef sana baatee as jiru sanaati. Inni Waaqayyo mucaa isaa fayyisuu akka danda'u in amanate. Innis fiixaan isaaf in baase. Hamma ammatti as nu gidduutti jijjiirama qaamaa arguu yoo baanne iyyuu, inni kun garaagarummaa amanti keenya irratti fiduu hin qabu. Sababiin isaa Waaqayyo yeroo isaatti deebii laata waan ta'eefi.

89 Kanaafuu, yoo warrumti ogummaa sammuu isaaniitiin dubbatan, "Dhugaadha, Waaqayyo dhukkubsattoota in fayyisa" isiniin jedhan, sammun keessan, "Inni kun dhugaadha" jedhee raga isiniif in ba'a. Garuu yoo inni onneee keessan keessatti hidda gadi fageeffatee isinitti mul'ate malee fayyinni keessan raawwachuu hin danda'u. Hammam namni ala dhaabatee, caaffata qulqulla'aa itti funaane, "Inni kun in raawwata" yoo jedhe iyyuu, gonkumaa amma amantiin isa keessa hin jirretti wanti sun raawwachuu hin danda'u.

Namoota meeqatu kaaseta dheengaddaa isan waa'ee, "Isa guyyoota gara dhumaatti dibame" jedhu irratti lallabe of harkaan ga'atee qaba? Ergaa isaatti amantaniittuu? Inni, "Warri Kiristoosiin morman in ka'u. warri Kiristoosiin morman yoo isaaniif danda'ame warra fo'ataman iyyuu in gowwomsu" in jedha. Kana gochuu danda'uu isaan isin irratti? Hin danda'an. Raawwatanii hin danda'an. Isin dhugaadhumatti warra fo'atamantiidha.

Garuu inni, "warra dibaman" in jedha. Hubadhaa, Kiristoos jechuun, "Isa dibame" jechuudha. Garuu warra hin dibamin, warra barsiisi isaanii isa dibameen mormantu jiru. Egaa isaan akkuma isa dibame sanaa waan gochuun danda'an in godhu.

90 Amma hubadhaa, isin baqqaana sadi'iin jirtu. Haa ta'u malee, isin nama tokko. Akkuma Waaqayyo Abbaa, Ilmaa fi Hafuura Qulqulluu, marsaa sadi keessa jirtu, garuu isin nama tokkicha. Waaqayyo tokkichatu karaa sadi'iin mul'ate. Waaqayyo akka Abbummaatti, akka Ilmummaattii fi Hafuura qulqulluutti bifa sadi'iin mul'ate. Isinis akkasuma Foon, Hafuuraa fi Lubbuutu bakka tokkotti walitti dhufee nama tokko ta'ee mul'ata.

Amma egaa, wantootiini biyya lafaa karaa alaatiin karaa shaniin gara keessa qaama keessanii in seenu. Wantootni shanan kunis: ilaaluu, dhaga'uu, fuunfachuu, dhandhamuu fi qaqqabuu dha. Akkasuma immoo inni gara keessaatti argamu immoo wantoota shan kanneen akka: jaalalaa, waan hamaa fi gadhee gargar baasuu fi kkf of keessaa qaba. Inni sadaffaan gara keessaatti argamu garuu, waan tokko qofa of keessaa qaba. Innis immoo isinumti mataan keessan guutummaatti jiraattanii as dhaabachuu keessan of keessaa qaba.

91 Hafuurrichi egaa, as dhufee waan tokko akka gootaniif isin dibuu danda'a. Isinis waan dibamantiif sana gochuu dandeessu. Kana jechuun fayyina argattaniittu jechuu miti. Hubadhaa! Qeefaas raajii dubbateera, Yihudaan hafuura hamaa baaseera. Ilaalaa egaa, hafuurichi isa dibeera. Hubadhaa! Bokkaan warra qajeelotaatiif roobu warra jallootaatiifis in rooba. Ingirdaadi qamadii wajjin wal qixe sooraatee in guddatti. Garuu inni murteessaan isa gara baqqaana keessaati. Inni kun egaa bakka warri ogummaa sammuu isaaniitti yaadan ergicha fudhatanii, "Oo, inni kun sirriidha, inni kun waan gaarii fakkata. Isa kana anuu ittin amana." Jedhaniidha. Inni kun garuu isa barbaadamu miti. Hafuurichi waa'ee isa kanaa dhugaa in ba'a, garuu inni kun isa barbaadamu miti. Sababii lubbuun sun Waaqayyoon biraa hin dhufneef, waan godhu hundumaa isa Waaqayyoon biraa dhufe sana fakkeessee in godha. Hubadhaa, fakkeessadhaaf godha malee wanti inni godhu hunduu dhugaa miti. Dhukkubsataa fayyisuu danda'a, waan barbaades gochuu danda'a. kiristaanonni akka Kiristaanumaatti deddeebi'uu danda'u, hamma dhumaattis gaarii ta'uu danda'u. kana waan godhaniif garuu, isaan in fayyuu jechuu miti. Inni mudaa hin qabne inni dhugaan garuu jira. Hafuurri inni dhugaan inni itti fakkeessa hin qabne jira. Hafuurri Qulqulluun si dibuu danda'a. kana jechuun ati fayyiteetta jechuu miti. Keessa namummaa keessanii isa jiru lubbuu keessantu fayyina barabaraa argachuu qaba malee, isa alaan mullatu namumaa foonii kana miti. Inni keessa namummaa

keessanii sun jireenya barabaraa ture, inni Waaqayyoon biraa dhufe, inni deebi'ees Waaqayyoon bira in deema; innis lubbuu keessani!

92 Amma egaa hubadhaa! Alaan amantii, hafuuraan Yesuus, keessaan immoo Isinuma. Inni kun egaa akkataa nuti itti amma dhaabanee jirruudha. Mee, walii walii keessan ilaalaa. Hafuurri na dibuu danda'a. isin keessa garuu hin beeku. Yummuu inni keessaa isa isa keessaa cabsu, inni Waaqayyoodha!

Inni kun egaa yeroo qaamni keenya inni gara alaa yaaduudha. Nama akkas jedhu fudhachuu dandeenya, " Akka an ejjumaa hin raawwanne ati iyyuu in beekta, an nan ejja jedhee hin yaadu. Hafuurichi natti himee ture akkan hin raawwannef." Hubadhaa amma iyyuu fedhiin isaa isa keessa jira.

Garuu yummuu fedhiin isaa isa keessa isaatiin geggeeffamu, inni waan hundumaa isa keessaa haxaa'ee in baasa. Inni agarsiiftuu daandii qajeelinaati, inni utubaa manaati, inni isa keessa keessaati. Lubbuun hafuuricha in geggeessa, hafuurichi immoo foon in geggeessa.

Kanaafuu alaan nooraa dibuun waa'ee hin baasu. Namoota amanatii yeroo sanaatiin Phaawuloos," keenyan alaan adii" isaaniin jedhe. Isaan raajotaa fi waan hundumaa qabu turan, garuu inni keessa keessa isaaniin; lubbuun isaaniin waaqayyoon hin amanu ture.

Egaa sababii kanaafan namoonni olii fi gadi utaaluu danda'u, afaan haaraa dubbachuu danda'u, iyyuu danda'u, harka isaaniin dhukkubsatarra kaa'anii kadhatanii fayyisuu danda'u isiniin jedhe. Isaan hubduu hafuurichaan dibamanii kana hundumaa haa godhan malee, inni kun hunduu hafuuf jira.

93 Hubadhaa, Yesuus akkas jedhe, "Amani duwwaa, warra amananiif wanti hunduu in danda'ama." Jedhe. Amanatii fi hojiin haadha manaa fi abbaa manaa dha. Isaan waliin hojjetu. Inni tokko is kaan in ibsa.

Inni kun egaa akka nama, "Fuudhera" isiniin jedhee, garuu haadha manaa isaa isinitti agarsiisuu hin dandeenyeeti. Jecha isaa kana amanuun isin rakkisa. Namichi, "Ani fuudheera isiniin jedha."

"Meerre, haati manaa kee?"

"Oo, an waa'ee isa kanaa hin beeku" Ilaalaa, waan akkasii amanuun baay'ee na rakkisa.

Isaan, "Gaariidha, meerre haati manaa kee?"

Inni immoo, "Gaariidha, an isa kana hin beeku." An isa amanaa hin jiruu naaf hubadhaa.

Kanaaf egaa waan argachuuf yaaddu akka waan argattee harka kee keessa jiruutti yoo lakkoofte, "Ati amantii qabda" jechuudha. Akkamitti amantii akka qabdu natti agarsiisuu dandeessa? Amantiidhaan.

"An fuudheera"

"Akkamittiin fuudhuu kee beekta?"

" Isheen kun haadha manaa kooti", Ati yeroo sanatti isa bira jirta.

"An heerumeera, inni kun abbaa manaa kooti"

"An fayyina argadheera"

"Akkamittiin beekta?"

94 "Hojiin koo amantii koo in ibsa." Argitee? Wanti ati dubbachaa jirtu waa'ee amantiiti. Waaqayyo amaantii kee ilaala, namni immoo hojii kee ilaala.

Inni kun egaa, garaagarummaa Yaaqoobii fi Phaawuloos ittiin Abrahaamiin ibsaniidha. Karaan lamaanuu gonkumaa wal hin faallessan. Karaan lamaanuu waanuma tokko ibsu. Isaan lamaanuu kan walitti heerumaniidha.

Kanaaf egaa amantiin hojiidhaan hin agarsiifamne dhuga ba'umsa shakkiin guutameedha. Isa an jalqaba irratti toora kadhataa irratti dubbadhe in yaadattuu? Yoo amantiin keessan hojiidhaan mul'ate malee isin fayyuu hin dandeesan. "Waan hundumaa amantiidhaan biyya lafaa kana irraa nan argadha." Eeyyee, inni kun dhugaadha. Sababiin isaa, hojiin amantiitti heerumeera waan ta'eefi. Amantii fi hojiin haadha manaa fi abbaa manaati, inni tokko isa kaan in ibsa.

95 Mee, yeroo xiqqoodhaaf waa'ee Abrahaamiin haa yaadnu. Abrahaamiif wal fudhatiinsa guutiinsa qulqullaa'ummaatu wal faana raawwateef. Ilaalaa, inni waan hundumaa wal faana in argate. Inni waan amantii isaa faallessu gara amantii isaatti hin waamne. Gara waggaa digdamaa booda maqaan isaa, "Abraam" irraa gara "Abrahaamitti" in jijjiirameef. Abrahaam jechuun abbaa saba baay'ee jechuudha. Isin keessaa namoota meeqatu maqaa Abrahaam jedhutti mucaa isaa moggaafatee jira?

Homtinuu, xiqqoo illee isa hin gufachiifne. Sagaleen Waaqayyoo akka jedhutti, "Inni sagalee waaqayyootti hin hin mamne, itti amane malee" in jedha. Inni bakka dhaqi ittiin jedhame hundumaaf of in qopheesse. Isa Waaqayyo ittiin jedhe akka mi'a gati jabeessaa fi hin moofofneetti jabeessee in qabate. Sababiin isaas, "Inni mucaa argachuuf jedha" waan ta'eefi.

96 Saharaan garuu akkas jette, "Waan ta'uuf jedhu beektaa? Ati mucaa godhachuuf deemta, an garuu karaa wanti kun raawwachuu danda'u sittan hima. Aggaar ishee hojjettuu kootii an siifan kennaa, karaa ishee mucaa in godhatta." Sababiin isaa yeroo sanatti haadha manaa tokkoo ol qabaachuun seeraan hin dhowwamne. Itti dabaltees, "Erga ati ishee bira geessee isheen mucaa in godhatti, erga isheen godhattee booda an mucicha nan fudha" isaan jette. Abrahaam isa kana hin amanne isheen garuu isa isheen jette akka inni godhuuf isa in kakaaste.

Waaqayyo Abrahaamitti dubbatee, "Waan Sahaaran siin jettu dhaga'i, raawwadhus" isaan jedhe. Garuu, Inni ani siif kakadhe isa kana miti, yeroon isaa ammayyuu hin geenye" isaan jedhe.

97 Amma egaa ilqaalaa, inni waan "Faallaa" ta'e ofitti in waame. Abrahaam qaamni isaa du'eera, gadameessi Saharaas akkasuma. Inni nama waggaa dhibbaa, isheen immoo nama waggaa sagaltamaa turte. Hubadhaa, du'uun qaama isaa fi du'uun gadameessa ishee ilaalcha keessa hin galle.

Mee, kana dhaggeeffadhaa:

Abdiin Abrahaamiif yookiis sanyii isaatiif kenname, biyya lafaa akka dhaaluuf; kunis Abrahaam seera waan egeef utuu hin ta'in, amantiidhaan qajeelummaa waan argateef isaaf kenname. Namoonni seericha eeguudhaan dhaala sana argatu yoo ta'e, amantiin namaa akkasumaan, abdiin Waaqayyoos gatii malee in hafa. Seerri dheekkamsa Waaqayyoo in fida, garuu utuu seerri hin jiru ta'ee, seera irra darbuunis hin jiru ture. Roomaa boqonaa 4 keessaa argachuu dandeessu.

Kanaafis abdichi ayyaana irraa kan ka'e, sanyii isaa hundumaafis kan eegamu akka ta'uuf amantii irra in dhaabate. Kunis warra seera eeguutti qabaman duwwaaf utuu hin ta'in, warra akka Abrahaam amananiifis immoo in eegama; Abrahaam abbaa hunduma keenyaati.

Mee amma immoo lakkoofsa 19ffaa dhaggeeffadhaa.

Inni, dhagni isaa akka du'e, nama waggaa dhibba guutuu ga'e ta'uu isaa, gadameessi Saaraas akka waan du'ee ta'uu isaa heduudhaan amantiitti hin laafne. Inni amantiitti jabaatee Waaqayyoof hooqubaa dhi'eesse malee, amanuu dhabuudhaan abdiin Waaqayyo kenneef hin dhabne.

98 Yeroo inni waggaa dhibbaa? Ilaalaa, qaamni isaa du'eera, gadameessii ishees du'eera. Inni kun ilaalcha keessa hin galle. Yummuu inni isatti mul'ate sanatti waa'een du'uu qaama isaa isa jalaa in dhokate. Ati amma egaa naafotee barcumicha irra kan teessu yoo ta'e iyyuu, inni kun ilaalcha keessa hin galu.

Doktoorichi, "Inni dhukkuba kana irraa fayyuu hindanda'u, isheen dhukkuba kana irraa fayyuu hindandeessu" yoo jedhe iyyuu inni kun ilaalcha keessa hin galu.

"An baay'ee dulloomeera, umuriin koo gara jaarsummaatti deemeera" jechuun gaariidha.

99 Inni kun garuu ilaalcha keessa galuu hin qabu. Nuyi egaa, akka Yisaaqitti utuu hin ta'in karaa Yesuus kiristoosiin ijoollee Abrahaamidha. Haaleluyyaa! Amantii isa inni qaba tureen sanyii Abrahaam keessaa bara dhumaatti inni akka bakkalcha barii ifu dhufuuf jira. Yaa ijoollee Abrahaam, "Qaamni isaa du'eera" hin jedhinaa. Qaamni isaa du'eera, gadameessi ishee du'eera jettanii hin yaadinaa. Waaqayyo gochuu fi gochuu dhiisuu isaa gaaffii keessa galchuun barbaachisaa miti.

Waaqayyo isa isaan jedhe akka raawwatu isatti dubbateera. Maaliif? Inni isatti

mula'ateera waan ta'eefi.

Dursee inni isinitti yoo mul'ate malee wanti kamiyyuu raawwachuu hin danda'u. waan hundumaa ilaalcha keessa galchuu dhiistanii, dabarsitanii yoo isatti laattan inni waan hin raawwanneef hin qabu. Waan doktooronni keessan isiniin jedhanitti hin qabaminaa, waan haati keessan isiniin jetti hin qabaminaa, waan abbaan keessan isiniin jedhanitti hin qabaminaa, waan lallabaan isiniin jedhutti hin qabaminaa, isa Waaqayyo isiniin jedhutti garuu yeroo hundumaa qabamaatii jiraadhaa.

100 Anaan baay'ee kan dhibu, inni du'uu qaama isaas ta'e du'uu gadameessa saaraa ilaalcha keessa hin galchine. Inni waan tokko iyyuu ilaalcha keessa galchee shakkii keessa isaatti hin uumne.

Amantiin keessan yeroo hidda gadi fageeffatee lafa qabatu, wanti kamiyyuu ilaalcha keessa galuun isaa in hafa. Sanyiin dhiiraa fi hanqaaquun dubartii yeroo wal fudhatutti egaa waatu uumamuuf jedha. Haaleluyyaa! Doktoorri, "Ati mucaa godhachuu hin dandeessu, sanyiin isaa du'eera, hanqaaquun ishee gabbachuu hin danda'u, isa kana isiniif nan mirkaneessa" isiniin jechuu danda'a. Garuu sanyiin sunii fi hanqaaquun sun wal fudhatee gabbatee mucaan yummuu uumamu waan ta'u ilaalaa. Maaliif? Amantiin hidda gadi fageeffateera. Waaqayyo yummuu inni dinqii nurratti hojjetu in argina.

101 Hubadhaa, amantiin waaqayyoo, inni qulqulluun hojii qulqulluu raajii isaatiin wal in fudhate. Yaadadhaa, amantiin waaqayyoo inni qulqulluun Abrahaamitti in mul'ate. Inni mul'ata isa Waaqayyon biraa dhufe isa harkaa fuudhuudhaan hojiitti in jijjiire. Egaa sanyiin abdiin kenname bakka itti guddatu qaba malee akkasumaan miti. Amma utuu Abrahaam, "Gaariidha egaa Saaraa, erga Waaqayyo kakuu nuuf galee waggaa digdamii shan fixeera, inni kun waan tureef kaanee waan biraa shaakalluu" jedheera ta'ee maaltu ta'a ture. Garuu inni isa kana hin jenne. Inni Waaqayyoon waan beekuuf isa kana hin jenne.

Utuu Maariyaam, "Kun hunduu gaariidha egaa, lakki na dhiisi! Durbi in ulfooftii? Kana dhageenyaan waldaa keessaa na baasu. Kanaafuu na dhiisi" jettee maaltu ta'a jettanii yaaduu dandeessu. Dursee lafichi waan qopheeffameef isheen isa kana jechuu hin dandeenye.

Egaa, yeroo raajichi, "Durbi in ulfoofti" jedhe sana wanti hundumtuu iddoo qabate. Yeroo sanatti lafti sanyii sanaaf barbaachisu qophaa'e.

"Mallattowwan kun akka isaan amananiif isaan in hordofu." Lafichi akka ta'utti dursee qophaa'eera yoo ta'e, sagaleen waaqayyoo isa keessatti hidda godhatee in guddata.

102 Egaa, amma xumuruuf nan ariifadha. Sanyiin sun egaa iddoo keessa dhokfamee guddifamu qaba ture. Waaqayyo isa kana in beeka. Utuu Waaqayyo bakka inni itti guddatu hin beeku ta'ee, Abrahaamiif kakuu hin galu ture. Waaqayyo kakuun isaa karaa kamiin akka raawwatu in beeka. Waaqayyo amma Abrahaam waggaa torbaatamii shan guututti isa hin waamne. Kakuun isaa garuu, karaa Saaraa akka raawwatu durumaan akeeka Waaqayyoo ture.

Hubadhaa, yeroo sanatti inni wangeela dubbisullee of harkaa hin qabu ture. Wangeelli akka yeroo keenya ammaa isa nuti haaluma salphaa ta'een argannee dubbisnu kana miti. Sagalee waaqayyoo dubbisuufis ta'e, waan isa keessa jiru ilaaluu isaaf salphaa hin turre. Hubadhaa, inni yeroo sanatti sagalee isaa mul'ata qofaadhaan beeka ture. Inni kunis isa dhugaa ture. Akkuma Yooseef Uumama keessatti qaba ture innis mul'ata of harkaa qaba ture. Macaafota seera Uumamaa, seera Ba'uu, Seera Lewwootaa fi seera Keessa deebii Museetu caafe. Yeroo sanatti bifa wangeelaatiin wanti dubbatamu tokko illee hin turre; hamma Museen boodaatti. Haala wal xaxaa jireenya keenyaa hiikuudhaaf, isa nuyi of harkaa qabnu wangeela kana isaan hin qaban turan. Yeroo sanatti Namoota Waaqayyoon fo'atamantu dhaabatee waan inni jedhu dhaggeeffata isaanitti dubbata.. Egaa isaan achuma dhaabatani Waaqayyoon in eeggatu turan. Wanti isaanin sochoosu hin jiru. Bara ammaa kana namoonni akka bara sanaa amantiidhaan dhaabbatani turan jiru jettanii yaaduu? Eeyyee egaa yoo isaanitti mul'ate cimaniin in dhaabatu.

103 Lallaba koo har'aa utuun hin xumurin dura, waan har'a baranne kana irra deebi'ee isin yaadachiisuun fedha. Nan yaadadha magaalaa Tiwiinsiitii jedhamtutti anii fi obboleessi koo Biraawuun akkasumas namoonni biroon wajjin turre. Waa'ee jireenya

Yooseefiin isaaniif ibsaan ture. Wangeela keessa yeroon isaaniif dubbisetti, waa'ee Abrahaam, Yisihaaqii fi Yaaqoob wanti isaaniin mormu hin turre. Yooseef nama mudaa hin qabne akka Kiristoosiin ture!

Guyyaa tokko kutaa Hoteelaa bakkan siree qabadhetti yummuun waa'ee Yooseef dubbisaa turetti nan boo'e. kutaa wayyaan koo itti fannifamee jirutti achi darbee Waaqayyoon, "Yaa Waaqayyo, nama yooseef jedhamu isa dur lafa kana irra ture sanaaf sin galateeffadha. Nama foonii isa akka kootii sana; isa sagalee kee fudhatee itti amanu sanaaf sin galateeffadhan" ittiin jedhe. Inni nama Waaqayyoon amanatu waan ta'eef obboloota isaatiin jibbamee gargaarsa dhabe. Inni mul'ata in arga ture, inni nama abjuu hiiku ture. Sababa kanaqaf immoo obboloota isaatiin jibbamee gargaarsa dhabe.

104 Egaa kennaan sun kannaa isaa qofa ture. Kanaaf isaan qooda isa jaallachuu isa jibban. Isaan isa jaallachuutu irra ture. Garuu isaan, isaan in morman. Obboloonni isaa, "Dhufe inni abjootaan sun immoo" jedhanii isatti in qoosu tura. Isaan sababuma tokko malee isa in jibban.

An immoo, "Isaan maaliif akkas isaan jedhu" nan jedhe. Isaan ijaan argaa isaa haa jibban iyyuu malee inni isaan biraa hin deemne, isaan danda'ee achuma isanii wajjin ture. "Yaa Waaqayyo si haa galatu. Oo, waa'ee nama kanaaf yaa Gooftaa si haa galatu." Nan jedhe.

Battaluma sanatti hafuurri qulqulluun natti mul'atee, "Ilma in godhatta, maqaa isaa 'Yooseef ' jettee in moggaafata" naan jedhe. Anis bakka sanatti ol jedhee Waaqayyoon nan galateeffadhe.

105 Beekiin duuba sana taa'aa jirti. Isheen gara waggaa tokkoo dura dhalatte. Isheen ogummaa baqaqsanii hodhuutiin dhalatte. Maatii koo keessaa bifa kanaan dhalachuudhaan ishee angafaati. Isheen lafeen ishee akka kan dhiiraattii jabaa waan turee fi qaamni ishee haadha ishee wajjin walitti qabatee waan uumameef bifa kanaan akka dhalattu taasifame. Yeroo sanatti doktoori, "Obboleessa koo Biranhaam, hadha manaa kee irraa mucaa kan biraa qabdaa?" jedhee na gaafate. Itti dabalees, "Gadameessi ishee akka afuuffee in haphata, kanaafuu ujummoo gadameessaa ishee cufuutu mala" naan jedhe.

Ani immoo, "Lakki! Gonkumaa kana gochuu hin dandeessun" ittiin jedhe.

Inni immoo, "Isheen lammata mucaa godhachuu hin qabdu, ati rakkoo hamaa keessa ishee buusuuf deemta. Isheen lammata mucaa godhannaan in duuti, ati rakkoo hamaa keessa nu buusuuf deemta" naan jedhe.

Yeroo sanatti Gooftaan immoo, "Mucaa dhiiraa godhachuuf jirta maqaa isaa 'Yooseef ' jettee in moggaafata" naan jedhe. Baay'een keessan in yaadattu, inni kun ana hin sodaachifne.

106 Biyya keessa deemee, waa'ee isa naaf kakatamee sana labsuun jalqabe. "An mucaa godhachuufan deema. Maqaan isaas ' Yooseef' jedhama" jedheen labsuu eegale. Mee, isin keessaa nama meeqatu yaadata? Dhugaadha! Nama hundumatu yaadata. Guutummaa biyyaatti, bakka hundumaatti , " Mucaa godhachuufan jira, maqaa isaa 'Yooseef' jedheen moggaasa" jedheen labse.

Dhugaadhumatti isa mucaan du'ee ture sun Fiinlaanditti du'aa ka'ee wajjin wal fakkaata. Obboleessi keenya Jaak yeroo wanti kun ta'etti achi jira. Kun ta'uun isaa waggaa lama yookiin sadii dura ta'uu isaa isinitti himeera. Egaa, " waaqayyo mucaan xinnaan in dhalata" jedhe na abdachiise yeroo sanatti.

"Akkamitti kun ta'uu danda'a?"

"An hin beeku garuu wanti kun natti mul'ateera"

107 Wanti natti mul'ate sunis, "Yummuun Ariizoonaa deema turetti ergamoota torbatu natti dhufe. Yeroo sanatti ergaa an lallabuu qabu isaantu natti hime." Ergichis waa'ee mallattoowwan torbaniiti. Inni kunis in raawwate! Nama meeqatu isa yeroo sana dubbatame yaadata? Inni kun yeroo sanatti gaazeexaa, kaasetti fi Barruuleedhaan maxxanfamee ba'eera; suuraadhaan deeggaramee. Yeroo sanatti ifa qilleensa irratti suuraa kaafame maxxansaniiru. Ifni sun maal akka ta'e garuu isaan beekuu hin dandeenye. Nan yaadadha, yeroo sanatti obboleessa koo Jaakiin Waameen, waa'ee isaa gaafadhe. Kiristoos utuu achi dhaabatee jiruu obboleessi koo Jaak isa argee, "Inni kun mootummaa isaa isa ulfina qabeessa keessadha" jedhe. Obboleessa koo Jaakiin

baay'een jaal'adha. Inni warra barnoota Tiwoolijii baratan bebbeekamoo keesaa isa tookko yoo ta'u, waa'ee isaa gadi fageenyaan garuu keessa lixuu hin barbaadu.

Yeroo sanatti egaa dhaabadheen, "Yaa gooftaa maal inni kun? Dargaggeessi rifeensi mataa isaa suufii fakkaatu kun maali" jedheen gaafadhe.

Inni immoo, "Inni Wiiggii godhatee jira" naan jedhe. Hubadhaa egaa, utuu wanti kun hin raawwatin dursee isinitti dubbadheera. Kitaabota barreefaman irraa argachuu dandeessu. Inni dubbatame sunis yummuu raawwatu ijaan in argina. Suuraa yeroo sana kaafame Barruu ' Life Magazine' jedhu irraa argachuu dandeessu. Mee, namoota meeqatu argee dubbise hanga ammaatti? Eeyyee hundi keessan iyyuu argitaniittu. Duuba deebinee yummuu ilaallu, dhugaadhumaatti mul'anni sun raawwachuu isaa markaneeffanneerra.

108 Maaliif wiiggii mataatti godhate jettanii yaaddu? Maaliif abbootiin firdii Ingilizii, abbootiin firdii Yihudootaa wiiggii mattatti uffatu? Bara ammaa kana iyyuu abbootiin murtii Ingilizii isa kana in godhatu. Sababiin isaa Wiiggiin aangoo olaanaa waan agarsiisuufidha. Egaa achitti kan agarsiisu wiiggii koochoo ergamootaa irraa hojjetame uffatee kan argamu ta'uu isaati. Inni Alfaa fi Omeegaa dha. Inni abbaa firdii isa hundumaa gararraati. Inni tiksee keenya isa jalqabaa fi isa dhumaati. As irratti kan arginu egaa, dargaggeessa gara waggaa soddomaa wiiggii adii uffatee jirudha. Kunis kan agarsiisu inni waan hundumaa gararraa akka tureedha. Inni Waaqayyoodha, " Firdiin hunduu karaa isaa akka kennamuuf Waaqayyo Abbaan dabarsee ilma isaatti kenneera" Jedhamee caafameera. Haaleluyyaa! Mul'atichi gonkumaa dogoggora miti. Hammam jabaa fakkaatullee inni akkuma sagalichaatti in raawwata.

Amma egaa waggaa afur booda waan ta'en isin yaadachiisa

109 Nuyi mucaa godhachuuf akka jirru beekna. Yeroo sanatti namni hunduu, " Yooseef dhalachuuf jedhaa?" jedhanii nu gaafatu.

An immoo, "Akkas ta'a jedheen yaada, ani hin beeku. Garuu Yooseefiin argachuufan jira" jedheen deebiseef.

Mucaan yummuu dhalatutti garuu Saaraa ta'e. yeroo sanatti namichi tokko na waamee natti kolfaa, "Yooseefinee jechuu keeti moo, maal jechuu keeti yeroo sanatti" naan jedhe. (namichi sun amma du'eera.)

An immoo namichaan, "Obbo, Waaqayyotu ilma akkan godhachuu danda'uu fi maqaa isaa 'Yooseef' jedhee moggaasu natti hime" jedheen deebiseef.

Yeroo sanatti namoota damee amanti biraa keessaa ba'anii Waldaa keenyatti waaqeffachuu jalqaban sadiitu turan. Yeroon Yooseef akka naaf dhalatu dubbachaa ture dhaga'aa turan. Yeroo Saaraan dhalattutti isaan, " Maaliif wanti kun ta'e beektuu? Inni Raajii sobduu waan ta'eefi" jechuu jalqaban.

Yeroo sanatti an isaaniin, "Turaa! Dubartoota nana Waaqayyos, Anis 'yeroo akkasiitti ta'a' jennee isinitti hin dubbanneen" isaaniin jedhe. Garuu ilma godhachuuf akkan jiru isinitti himeera jedheen isaanitti hime. Waaqayyo Abrahaamiin "Yisihaaqiin in godhatta" ittiin jedhe, Ishmaa'eel garuu gidduutti in dhalate. Inni garuu abdiin hin kutanne. An yeroo sanatti isaaniin, " Waaqayyo ilma in godhatta, maqaa isaas 'Yooseef' jettee in moggaafata naan jedheeran" isaaniin jedhe.

110 Doktooriichi ol dhufee, "Homaa gochuun hin danda'amu, amma ujummoo gadameessa ishee cufuufan jedha" naan jedhe.

An immoo, "Raawwattee cufuu hin dandeessu! Gonkumaa kun hin ta'un" ittiin jedhe.

Inni immoo, "Dubartii kan biraa fuutee mucaa barbaaddu sana irraa godhachuu in dandeessa" naan jedhe.

An immoo deebisee, "An karaa haadha manaa koo kanaa mucaa nan argadha! Waaqayyo isa kana natti dubbateeran" ittiin jedhe. Isa kana egaa Wangeela keessaa isiniif dubbisuu hin danda'u. Inni laphee koo irratti mul'ataan caafameera; amantiidhaan. Waaqayyo isa kana dubbateera! Waan Waaqayyo isinitti dubbate obsaan dandeessanii turuu hin dadhabinaa!

Namoonni tokko tokko, "Yooseefinee jechuu keetii?"

An immoo, "Lakki! Yooseefin jedhe"

Doktoori, "Isheen lammata da'uu hin dandeessu"

An immoo, "Isheen ganaa mucaa biraa naaf deessi"

Kun ta'ee waggaa afur booda ammas isheen haadha daa'ima ta'uuf qophii jalqabde.

111 Yeroo sanatti Raajiin sobduun tokko kaatee akkas jettee barreessuu jalqabde. "Amma egaa Meedaan du'uuf jetti, Biiliin kan geggeessu iyyuu ana, innii dubartii waanan ta'eef na dhaga'uu waan dideef Waaqayyo haadha manaa isaa Wajjin isa fudhachuuf jedha" jettee in raajje.

An immoo, "Akka na geggeessuuf Waaqayyo Yesuus Kristoosiin ergeera" jedheen isheef deebise.

Hiyyeettii koo Meedaan. Tajaajila keessatti Narsiitti ishee fayyite sana in yaadattu jedheen abdadha. Obbo Morgaan narsoota dhibee hamaa yaalan keessaa tokko waan ta'aniif isa kana sirriitti in yaadatu. Waa'een ishee kaasetta isa " Du'eera" jedhu keessatti caqafameera. Kunis kan waggoota digdama dura raawwateedha. Isheen kansarii lafeetiin qabamtee hospitaala Baaptistii isa Laawusvilee jirutti yaalamaa turte. Isheen yeroo ammaa hospitaala Jefersenvileetii hojjechaa jirti. Isheen waggoota kana hundumaa achii hojjechaa jirti. Sababiin isaa Waaqayyo isheedhaan, "in jiraatta" waan jedheefi.

Meedaan egaa ishee baay'ee in jaallatti turte. Isheen, "Margeen akka na bira dhufun barbaada malee hospitaala deemuu hin barbaadu" naan jette.

112 An immoo, "Raawwattee akkas hin godhin, nuyi Margee in jaallanna garuu isheen Waaqayyoo keenya miti, isheen obboleettii keenya maleen" isheedhaan jedhe. An ishee fuudhee Giriin Miiliitti yummuun ol ba'e imimmaan qabachuu hin dandeenye. Sababiin isaa baay'ee waanan ishee jaalladhuufi.

Isheenis, "Biil, amma in duuti jettee yaaddaa?" naan jette.

An immoo, "Isa kana hin beeku garuu mucaan karaa kamiin iyyuu haa ta'uu dhalachuuf jira. Ati Yooseefiin godhachuuf jirtan isheedhaan jedhe."

Isheen deebistee, "Inni kun isaa?" naan jette.

Ani immoo, "yaa damma koo, an isa kana hin beeku. Isa kana an jechuu hin danda'u, garuu waaqayyo 'Yooseefiin' argachuuf jirtu jedheera. Namni waan barbaade haa jedhu, an waa'ee isa isaan jedhanii dhimma isaa hin qabu. An kanan beeku yooseefiin argachuu akka dandeenyu qofaadha. Waaqayyo isuma kanaan dura mul'ataan natti dubbatee, isa natti dubbate immoo raawwachaa turetu isa kanas natti dubbate Waan ta'eef, inni dubbatee isa jedhe utuu hin raawwatin dhiisee gonkumaa hin beekun" isheedhaan jedhe.

Yeroo sanatti kadhataaf gara Miilii deemee kadhata yeroon jalqabetti, ifa mukaa lama gidduutti fanniftee jiru gidduudhaan, "gara hojii keetiitti, gara kitaaba ququlluutti deebi'i" naan jedhe. Anis of irra deebi'ee nan deeme.

113 Macaafni qulqulluun konkolaataa koo keessa ture.

Yummuus qilleensi macaaficha galagalchee bakka Naataan taa'aa turetti isa buteera. Kutaan macaafa qulqulluu baname sunis akkas jedha, " dhaqiitii hojjetaa koo Daawitiin naaf waami; an isa bakka hoolaa tiksutii fuudhee nama guddaa isa nan godha." kan jedhu ture. Inni Biilii Giraamiin isa hin goone, maqaa isa isinumti beektan sanaan isa moggaase malee. Waaqayyo isaan, "Mana qulqullumaa koo kan ijaaru si utuu hin ta'in ilma keeti" isaan jedhe.

An egaa, "Yooseef" jedhee waamuun koo sirriidha.

Yeroon manatti ol seenu isheen of daadhabdeetti; isheen deemuu hin dandeenye. Gara isheetti fiigee harka koo ishee irra qaxxaamursee haammadheen, "damma koo! Yooseef dhufaa jira; Yooseef daandii irra bu'eeran" isheedhaan jedhe.

"inni kun sirriidha."

114 Hundumti keessan beektu, galgala gaafa sanaa mucichi gargaarsa wal'aansa baqaqsanii hodhuu malee dhalachuuf gadi dhufuu isaa. Waan hundumaa keessa darbee mucaan dhalachuuf gadi in dhufe.

Bariinaan isaatti ganama sa'aatii tokkotti yummuu nuyi hospitaala deemnetti

doktoori, "Oo, kun Waan dinqii fi waan gaarii ta'eedha" jedhe.

An ishee dhungadhee nagaa itti dhaameen biraa deeme akkas jedhee, "Yaa damma koo! Yeroon yooseefiin arginu fagoo miti" jedheen biraa deeme. Isheen egaa amma kutaa baqaqsanii hodhuu keessa jirti.

Daqiiqaa muraasa booda narsiin gara koo dhuftee, "Abbaa mul'ataa, Biranhaam?" naan jette.

Ani immoo, "Oo koo, Immaayyeen" isheedhaan jedhe.

Isheenis, "Mucaa dhiiraa bareedaa, kan paawundii torbaa fi qabxii sadii ulfaatu argatteetta" naan jette.

An yeroo sanatti, "Ilma koo Yooseef бага nagaan dhufte!" jedheen isa simadhe. Eeyyee, obboo, maaliif? Maaliif? Maal inni kun? Wanti ta'e kun macaafa qulqulluu keessatti hin barreeffgamne. Garuu Waaqayyo isuma macaafa qulqulluu keessatti Abrahaamitti mul'atee, du'uu gadameessa Saaraa ilaalcha keessa utuu hin galchin waan jedhe raawwate sanatu isa kana anaafis raawwate. Wanti namaaf hin dandaa'amne egaa Waaqayyoof in danda'ama. Kakuun waaqayyoo achumaan hafa jettanii abdii kutaattanii iddoo keessan gadi dhiiftanii hin deeminaa. Yoo Waaqayyoof ulfina kennitanii isa eegdan, utuu inni isiniif raawwatuu arguuf jirtu.

An isa doktoori jedhus ta'e, isa warri biraa odeessanittii dhimma hin qabu. Wanti bifa kanaan dhufu hunduu isa seexanni isin gowwomsuuf isinitti ergu waan ta'eef hin amaninaa!

115 Dhugaadhumatti, akkuma jedhame, "Raahaab ishee ejjitu sanaaf" hojiin ishee dhugaa in ba'eef.

Isheen, "Waaqayyo akka sii wajjin jiru dhaga'eera" isaan jette. Isheen Iyyaasuun akkamitti wayyaa isaa akka uffatu yookiin rifeensa mataa isaa akkamitti akka tolfatu ilaaluu hin barbaanne. Isheen, "Ani Waaqayyo sii wajjin akka jiru nan beeka" jettee waan ishee irraa barbaachisu hundumaa in raawwate.

Akkasuma egaa bara ammaatiif mul'atni waaqayyo kenne jira. (Daddafee xumuruufan yaala.) Mul'anni inni dhugaan Waaqayyoon biraa dhufe sagalee abdiiti. Namoonni baay'een, " Obboleessa koo Branhaam, mul'ata kana eessaa argattee?" jedhanii na gaafatu. Yaa namootaa hin dogoggorinaa, Hojii Ergamootaa 2:17 irratti, "Guyyaa gara dhumaatti akkana in ta'a jedha Waaqayyo, foon qabeessa hundumaaf hafuura koo nan kenna, ilmaan keessanii fi intaloonni keessan raajii in dubbatu; dargaggoonni keessan mul'ata in argu, maanguddoonni keessanis abjuu in abjootu" jedhamee hin caafamnee? Inni raawwate kun egaa isa macaafni qulqulluun dubbatuudha.

116 Tole egaa, mee Milkiyaas boqonnaa 4ffaa irratti waa'een yeroo amma dubbatamee akka jiruu fi hin jirre ilaalaa! Egaa akkamittiin isa kana amanuu dandeessu? Macaafa qulqulluutu dubbata waan ta'eefi.

Luqaas 17:30 dubbifadhaa. Innis akkas jedha, "Akkuma guyyaa sodoomiitti ta'e, guyyaa ilmi namaa mul'atutti in ta'a" mee ilaalaa, addunyaan kun garamitti deema jirti? Gara sodoomiitti! Dhuga baatota lamaan Biilii Giraamii fi Oraal Roobertisissin ilaalaa. Isaan keessaa inni tokko gara waldoota amantii Meetedistii, Baaptistii fi Pireesbaayiteeriyaaniitti; inni kaan immoo warra Peenxeqoosxeetti dhugaa ba'aa tura. Inni kun tokko, inni kun tokko, inni kan biraanis tokko.

117 Garuu yaadadhaa, Abirahaam sodoomiin keessa hin turre. Inni dursee ishee keessaa waamamee ba'e. Egaa nama achi keessaa waamee isa baasetu jira. Inni achi keessaa waamee isa baase sun milikkita isatti agarsiise. Yeroo dugdi isaa gadi jedhetti Saaraan mucaa isa inni hawwaa ture sana godhachuuf jirti. Inni immoo, "Waaqayyoon 'Eloohiim'" jedhee in waame.

Amma egaa Waaqayyo inni yeroo sanaa sagalee isaa gara bara ammaa kanattis dabarseera. Sababiin isaa nuyi amantii Waaqayyoo waan qabnuufi. Caaffanni qulqulla'aan gara yeroo ammaatti quba qabee in agarsiisa waan ta'eefi. Mul'ata boqonnaa 10 keessatti akkas jedha, "Bara malakanni inni torbaffaan hafuufamutti garuu, wanti Waaqayyo dhoksaatti akeeke, akkuma inni raajota hojjettoota isaatti himee ture sanatti raawwatamuuf jira jedhe." Inni kun egaa ergaa isa kan fayyinaa miti. Ergaan inni kun isa ergaan fayyinaa erga dhufee darbee booda dubbatamee dha malee.

118 Yesuus dursee is isa kana lallabeera. "Inni dhukkubsataa fayyiseera, inni waan hundumaa hojjeteerra. Oo, Yaa dargaggeessa Rabbii sanaa, Yaa Raajii sanaa! Inni duuka buutuu isa guddaa ture." Inni ofii isaa waldaa keenya keessatti in barbaada.

Inni guyyaa tokko ka'ee dhaabatee, "Anii fi Abbaan koo tokko" jedheera. Yaa Anaa! Isaan yeroo sanatti isa hin amanne.

"Foon ilma namaa yoo nyaattan malee, akkasumas Dhiiga ilma namaa yoo dhugdan malee jireenya bara baraa hin argattan" isaaniin jedhe. Waa'een kanaa dhoksa waan tureef ifa baasee isaanitti hin dubbanne.

Yeroo sanatti akkan yaadutti doktooronni fi narsoonni, "Namichi kun Bulguudhaa kan dhiiga koo dhugaa nuun jedhu" jechaa turan. Wanti inni jedhe isaaniif hin galle. Inni garuu maaliif akka jedhe sirriitti beeka.

Bartootni isaa garuu yoo dhoksa isaa beekuudhaa baatan iyyuu amananii fudhataniiru. Amen. Inni dursee isaanitti waan mul'ifameef isaan isa kana amananii fudhataniiru. Isa kana egaa caaffata qulqulla'aatu dhugaa nuuf ba'a.

119 Isin garuu yeroo sanatti, "Mul'ata kana akkamittiin amanta, warri fakkeessanii dubbatan yeroo guutan kanatti" jettanii na gaafachuutu isin irra ture.

Amma egaa daqqaa muraasaaf waan xiqqoo wayii garuu immoo jabaa ta'e tokkon isinitti himaatii na hordofaa. Yeroo ammaa kanatti warri itti fakkeessan guutaniiru. Obboleessa koo isaan waanuma isa dhugaa sanaan wal fakkaatu in dubbatu. Bara Musee Yaaneesii fi Yaambrees itti fakkeessitoota akkuma turan isaanis akkasuma in godhu. Isaan fakkeessanii wallaalchisuuf, dura isa dhugaa sana fakkaachuudhaaf yaalu. Nuyi caaffata qulqulla'aa fi mul'ata Waaqayyo nuuf kenne irra dhaabannee eessa akka jirru in beekna.

120 "Maaliif, namni kun mul'ata in arga, inni kana in godha, inni haadha manaa namaa duukaa in fiiga, inni waaqa sadiitti in amana." Inni kun egaa nama hin dingu. Garuu wanti isaan itti hin fakkeessine tokko jira. Innis sagalicha! Isaan afaan haaraa dubbachuu, iyyuu , hafuuraan sirbuu danda'u. Isaan kun amma iyyuu seexanoota. Uhuu-uhuh, eeyyee inni kun surriidha. Garuu sagalichi isaaniin in madaala. Inni kun egaa akkuma kan Musee fi Yaambrees sanaati.

Nana yaadadha, "Akkuma Yaambreesii fi Yaanees Musee irratti ka'an sana, bara dhumaattis warri wallaalchisoon in ka'u" in jedha.

121 Inni sun Musee hin dinqisiifne. Yummuu Museen as deebi'ee maqaa Gooftaatiin dinqii hojjetu, isaanis waanuma wal fakkaatu itti fakkeessanii in hojjetu turan. Inni kun garuu Musee hojii isaa irraa isa ittisu hin dandeenye. Inni, "Callisee isaan keessaa gara bakkeetti yoon ba'e naaf waayya" jedhee isaan dhiisee in adeeme. Inni kun iddoo isaatii isa raasuu hin dandeenye. Sababiin isaa dursee inni isatti waan mul'ateefi. Haaleeluyyaa! Inni egaa waan kana hundumaa sagalee waaqayyoon biraa dhufuun beekuu danda'e. Inni sagalichi dhufee akka isa tuqu beeka. Sagalichi foon uffatee guyyaa tokko mul'achuuf akka jiru in beeka.

Kanaaf egaa waa'ee baroota sanaa in beekna. Yeroo Waaqayyo sagalee isaa isa dhugaa ergu, guutummaa sirna isaa keessatti yeroo hundaa jijjiiramni in dhufa. Yeroo Waaqayyo sirni moofaan waldaa keessaa akka jijjiiramuuf ergaa isaa ergu, waldattiin jijjiirama hin agarsiiftu yoo ta'e, ergaan sun akkasumaan bishaanitti naqamuu isaati. Yeroo ergaan Waaqayyoo milikkita fi dinqiidhaan isa biraa ergamu, ergaan isa fakkatu, kan isa biraa hin ta'in immoo isuma dhugaa sana fakkaatee gara namootaatti in ergama. Yesuus yeroo dhukkubsattoota fayyisaa turetti ergaan, " Anii fi Abbaan koo tokko. Ani Isumadha" jedhu waaqayyo biraa dhufee ture. Isaan garuu isa kana amanuu hin dandeenye. Isaan isa amanuu irra dinqii inni godhu in aman. "Yoo na amanuudhaa baattan dinqii ani godhu amanaa; isaan eenyuun akkan ta'e dhugaa anaaf in ba'uu" isaaniin jedhe. Oo, ulfaadhu! Jalqaba eenyutu ture? Musee! Isaan isa dhugaa ture sana Museetti in fakkeessu turan. Garuu isa sirrii fi isa sirrii hin ta'in sana gidduu dhugaan gudaan tokko in jira. Isaan ergicha isa dhugaa fudhachuu hin dandeenye. Ergicha isa dhugaa isa makaa hinqabne; sagalicha isa Waaqayyoon biraa dhufe fudhachuu hin dandeenye.

122 Inni kun egaa anaan na hin dhibu. Yihudaan milikkitootaa fi dinqii hundumaa godheera. Gauu bu'uun hafuura qulqulluu yummuu ga'uu ga'etti; guyyaan pheexeqoosxee yeroo dhiyaatetti isa irratti in barame. Seexanni waan sagalichaan

ergame fakkeessee hojjechuu danda'a. Garuu sagalichaan isa dhufe akkuma jirutti fudhatee hojjechuu hin danda'u. sagalicha walitti hidhee, duuchaadhummatti akkuma Hewaanitti fide sanatti garuu, namantti fiduu in danda'a. Seexanni Hewaan irratti waan hamaa raawwate. Garuu guutummaa ishee irratti hin raawwanne. Sabaabiin isaa qaamni ishee guutummaan qaama Kiristoos waan ta'eefi. Isaan egaa isa Waaqayyoon biraa dhufe sana fudhachuu hin dandeenye. Yaambreesi fi Yaaneesis ergicha isa Museedhaaf dhufe sana fudhachuu hin dandeenye. Hojiin itti fakkeessuu isaanii kun egaa isaan irratti hin beekamne. Isaan egaa sagalee Waaqayyoo isa karaa raajii isaa, isa dibamee dhufe sana amananii fudhachuu hin dandeenye.

123 Isaan Isiraa'eloota duukaa hin buune. Ijoollee warra Gibxii! Isaan sagalee sana duukaa hin buune. Utuu sagalicha duukaa bu'anii waa'ee Gibxii in dhiisu turan. Naayil isaaniif gaarii ta'ee waan itti mul'ateef isaan isa in jaallatan. Itti fakkeessanii waan museen godhe hundumaa yoo godhan iyyuu, yeroon isaa yummuu ga'etti gadhummaan isaanii bakkeetti in ba'e. waaqayyo immoo yeroo isaa eegee, wanti kun isaan irratti akka beekamu in godhe.

Yeroo ammaa kanas akkasuma! Isaan waan hundumaa itti fakkeessanii gochuu danda'u. isaan waanuma jiru ol ol in kaasuu malee homaa gochuu hin danda'an. Ijoolen amanani hunduu waa'ee isa kanaa sirriitti beeku. Isin immoo itti fakkeessuu isaanii kana qabatamaadhummatti in argitu. Hojiin keessan isa dhugaa Waaqayyoon biraa amantiidhaan dhufe yoo ta'e inni ifatti ba'ee mul'atee sagalicha isa durumaan ture ta'uu isaa in mirkaneesaa.

124 Yesuus immoo, "Caaffanni qulqulla'aan isa ani hojjedhu yoo isinitti hin himin, umurii koo kanatti Masihiichi yoo hin dhufin, hojii ani hojjedhu kan Waaqayyoo yoo hin ta'in, egaa Ani sagalicha isa foon uffate sana miti." Isaaniin jedheera. Yesuus ammas, "Waan Masihiichi gochuuf jiru isin iyyuu in beektu. Sagalichi inni barreeffame sun yoo ana keessaan hin mul'anne ta'e masihichi ana miti" isaaniin jedhe. Yesuus, itti fufee, "Wanti ani gaafas dubbadhe dogoggora, wanti Yohaannis waa'ee koof dubbates soba, Ani Masihiicha miti ergan ta'ee wanti ani hojjedhu maaliif isa Masihiichi hojjetu ta'eree? Yoo akkas ta'e immoo egaa, 'Waaqayyo Gooftaan raajii akka kootii isiniif kaasuu qaba.' Isin garuu waggoota dhibba hedduuf raajii malee jiraattaniittu. Hojiin Ani hojjedhu kun hunduu, isa Waaqayyo dursee abdachiise sana yoo hin ta'in, hojiin inni abdachiise sun hunduu jireenya koo irratti yoo hin mul'anne ta'e, Ani egaa Isa ergame sana miti. Garuu Wanti Waaqayyo abdachiise hunduu karaa koo yoo raawwateera ta'e, Masihiichi anuma waan ta'eef abdichis isiniif raawwachuuf jira" isaaniin jedhe.

125 Yesuus, "Dhoksaan isa abdachiifame sanaa yoo karaa koo in raawwata ta'e, ani isa abdachiifame sanadha. Yoo ana amanuudhaa baattan hojii isa ani hojjedhuu fi dhaloota kanaaf abdiin kennu ilaalaa," isaaniin jedhe. Amen! "Hojii isa ani hojjedhu ilaalaa, yoo abdiin karaa koo hin raawwatamne ta'e anatti hin amaninaa. Sababiin isaa soba waanan isinitti dubbadhuufi. Waan yeroo ammaa kana ta'aa jiru mee macaafa qulqulluu keessaa ilaalaa. Wanti achi keessatti caafame raawwachaa hin jiru yoo ta'e, ani isa ergame sana miti. Wantootni ta'aa jiran kun yoo soba ta'anii fi wanti in ta'a jedhamee abdachiifame yoo hin raawwanne ta'e, ani nama dogoggoraati. Garuu abdiin abdachiifame hunduu karaa koo raawwatamaa jira yoo ta'e ani Isa dha" isaaniin jedhe. Ameen! (Hojii isa yeroo keenya ammaa kanaaf abdachiifamee wajjin tokkuma, amen hin jettanii?)

126 Egaa, yaa obboloota koo hojiin Luqaas 17:30 irratti kaa'ame, inni deebi'ee dhufuu Yesuus Kiristoosiin dura akka raawwatuuf abdachiifame, addunyaan kun gara sodoomiitti akka deebituu fi warri qajeeloon ari'amanii ishee keessaa akka baafaman inni barreeffame yoo hin raawwanne ta'e waan dhugaa nutti dubbata jettanii ana hin amaninaa! Wanti isa keessatti barreeffame sun raawwateera yoo ta'e, yookiis raawwachaa jira yoo ta'e garuu, ana amanaa inni Ana dha! " yeroo sanatti ilmi namaa mul'achuuf jira" Ameen! Ilmi namaa foon keessaan mul'achuuf jira. Isin amantootni waldaa kanaa hunduu akkuma warra sodoomiin keessaa dursanii baafamaniiti; warra abdiin Waaqayyoo amanani. Ulfaadhu!

127 Hojii kana hundumaa yeroo ammaatti kan hojjechaa jiru hafuura qulqulluu dha. Abdiin mul'ata isaa inni Milkiyaas 4 keessaatti barreeffame, akkasumas Mul'ata 10:7 keessatti barreeffame galma ga'eera. Saayinsiidhaanis mirkaneeffameera. Wanti ani isinitti hime sun dhugaa miti utuu ta'ee wantichi raawwachuu isaa hin argitan turtan. Wanti ani dubbadhee dhugaa ta'uu isaa egaa, warri saayinsii iyyuu mirkaneeffatanii of

harkaa qabu. Inni isa kaleessa ture, isa har'a jiruu fi isa bara baraan jiraatuudha. Inni hafuura isaatiin misirroo isaa ol butachuuf dhufuuf jira. Mee amantiin (mul'anni) sun laphee hunda keessanii irratti haa bu'u. " har'a guyyaan fayyinaa"

Mee walii wajjin haa kadhannu.

128 Yaa Waaqayyo jaallatama, yaa isa foon uffattee Yesuus Kiristoosiin mul'attee, yaa isa du'ee guyyaa sadaffaatti du'aa ka'ee, akkuma caaffanni qulqulla'aan jedhutti, yaa isa gara Waaqaatti ol fudhatamtee, yaa isa bartoota kee bartuu biyya lafaa hundumaaf ergitee, "Warra amananiif milikkinni kun hunduu isaanii wajjin in ta'a" kan jette.

Yaa Waaqayyo, waldaa pheexeqoosxee, isa kan dhaloota ammaatiif kennaan kee iddootti haa deebi'u. yaa gooftaa namoonni kun as jiru; kaan immoo sagalee waraabamee, guutummaa biyya lafaatti raabsamuuf jiru kana yummuu dhaga'anitti, waamicha misirroo ta'uu isaa haa baran. Yeroo itti ergaa pheexeqoosxummaa itti dhaga'an utuu hin ta'in, yeroo ergaa waamicha misirroo ta'uu isaa haa baran. Ergaan guyyaa shantammaffaa kan kennaa waldaa iddootti deebisuu ture. Inni kun garuu, isa misirroo kee utuu sodoomiin hin gubatin achi keessaa baasuuf ergameedha. Yaa waaqayyo jaallatama, mee isaan ergaa kana haa hubatan. An amantiitti nan amana. Sababiin isaa inni karaa hafuura keetii sagalee waaqayyootiin mul'atee addunyaa hundumaatti waan beekameef. Dhugaadhumatti yaa gooftaa, ati warra gadi deebi'ootti mul'attee isaaniin, "Hin sodaatinaa, mootummaan abbaa keessanii inni gaariin kan keessanii" kan isaaniin jette dha.

129 Kanaaf, yaa waaqayyo sin kadhadaa, namoonni kun yaada sammuu isanii isa wanta nuyi yaannutu sirriidha jedhu keessaa ba'anii gara isa caaffanni qulqulla'aan jedhuutti haa dhufan. Galgala darbe akkuma dubbatame, yaadni namoota kanaa akkuma isa gaafa Baabiloon kuftee haati manaa mootii, "Isin keessa nama 'Daani'eel' jedhamutu jira, inni mootummaa abbaa keetii keessa jira. Inni mootummaa abbaa pheexeqoosxee keessa ture, inni shakkii nama keessaa hundumaa in hiika" jettee sana haa ta'u.

Egaa amma yaa gooftaa, hafuurri qulqulluunkee inni bara pheexeqoosxee keessa ture, inni bara Maartiin Luuter ture, inni bara Joon Weesleyi ture, inni bara Joon Smiiz ture, inni bara Alesksaander Kaampibeel ture, inni baroota keessa darbee dhufe sun nuyi irrattis haa roobu. Inni isa yaada namaa furu ture. Nammoonni bara Luuter, "dhugaan amantiidhaan haa jiraatu" jedhan. Warri Meetedistii immoo, "Shakkii namaa hundumaaf furmaata kennaanii, hundumtuu qulqulluu ta'uu qaba" nuun jedhan. Warri pheexeqoosxee immoo afaan haaraa in dubbatan, mul'achuun hafuura qulqulluu fayyina waaqa irraa fidee isaan irra bu'uudhaan shakkii onnee isaanii keessaa in haqe. Garuu, Oo, isaan garee amantiin in uummatan. Isaan duubatti deebi'anii yaada namaatiin hoogganamuu in jalqaban. Kannafuu, yeroo misirroon itti waamamtu, inni ati caaffata qulqulla'aa keessatti abdachiifte sun guyyaa dhaa gara guyyaatti dubbifamaa jira; ija keenyaanis argineerra. Yaa waaqayyo, mee inni onnee namootaa keessaa shakkii dhiqee haa qulqulleessu. Shakkiin kun daddafee gadi isaan dhiisee haa deemu. Isaan habaqqii wajjin akka hin gubannetti, qola sanyii sana keessaa haa qulqulleeffaman. Maqaa Yesuus Kiristoosiin. Ameen!

Waan na hordofaa turtaniif galatoomaa. Isa dhageessan Waaqayyo laphee keessan keessa haa bulchu.

130 Amma egaa kaardii kadhataa isiniif kenname harkatti qabadhaa. Kadhata tooraan kadhannuuf gara daqiiqaa digdamaa fudhannee itti fayyadamna. Daddaafaatii tarree galuudhaan gara waltajjiitti ol kottaa. Kaardiin meeqa akka hirame hin beeku. An Biilliidhaan, "Gadi bu'itii kaardii kana hiriifin jedhe," malee baay'ina isaa hin beeku. Ergasii booda inni dhufee anii fi inni haadha isaa qabnee ol kaafnee.....

[obboleessi keenya Biranhaam, obboleessa keenya Biilii paawol wajjin waa'ee kaardii kadhataa irratti haasa'aa jira]

Tole egaa,

131 Kaardii kadhataa lakkoofsa tokko namni harkatti qabate harka isaa ol haa baasu akkan an arguu danda'utti. Yoo in dandeessu ta'e ol ka'aatii dhaabadhaa, warri hin danda'in immoo itti dhiisaa. Kaardii lakkoofsa tokko, daddafaa! Eenyutu of harkaa qaba? Kunoo mucaa durbaa kana. Tole egaa, as kottu, ati lakkofsa 2? Argatteettaa? daddafitii harka kee ol kaasi. mucaan durbaa sun as kottu. kaardii argattee? homaa kaardii hin

qabduu? Tole, rakkoo hin qabu yoo kaardii hin qabdu ta'es. 3, 4, 5. 1, 2, 3, 4, 5. Mee haa ilaallu, 1, 2, 3, 4, 5. Tole egaa, as immoo isaan...5, 6, 7, 8, 9,10. Amma egaa toora galaa, toola galuu jalqabaa.

132 Yoo dhufuu hin dandeessan ta'e, achumatti harka keessan raasaa. Namoota as jiran kana keessaa waari kaardii hin qabne jiru. Kardii qabaachuun isin hin barbaachisu amanatii qabaachuudha malee. Amma egaa, ilaalaa namoota qaama hir'uutu as keessa jira waan ta'eef, carraa duraa isaaniifan kenna. Egaa warri kaardii hin qabne akkuman barsiise sanatti yoo amnatii qabaattan; yoo dursee isinitti mul'ateera ta'e, in fayyitu. Yoo amantii qabaattan malee kaardii kadhataa baataanii toora kadhataa keessa yeroo hedduuf yoo seentan iyyuu, fayyuu hin dandeessan. Hamman dand'u hundumaatti jilbeenfadhee harka koo isin irra kaa'ee zayita isin dibeen isiniif kadhada. Warri toora kadhaataa kana keessa jirtanis ta'e, warri toora kana ala jirtan inni laphee keessanitti yoo bu'e, " raawateera" jechuudha.

133 Tole egaa, tokko, lama, sadii, afur, shan,...digdama. Namni waamamee harka isaa ol hin qabin jiraa? Warri kaardii argattanii harka keessan ol hin qabin ol qabaa!

.....amani malee;

Galgala yeroo hundaa yeroo haati keenya, Annee Jiinee teessee isa kana faarfattu nan ilaala.

.....amani malee;

Amma egaa kardii kadhataa tokkoo hamma kudha shaniitti kan jirtan. An nan amana.

.....amani malee;

Bakka kanatti xiqqoo waan walitti baay'attan faakkaata. Mee kadhachuu haa jalqabnu.

.....in danda'ama,

134 Tokko, lama, sadii, afur, shan, ja'a, torba, saddeeti, sagal, kudhan....Amma egaa, baay'achaa dhufaa jirtu. Hamma nuyi waamnee ol ta'aa jirtu. Inni kun rakkoo hin qabuutii, bakkuma jirtan dhaabadhaa. Hunduma keessaniif utuu hin kadhataamin hin dhiisnu. As dhaabachaa ooluun waan isin dadhabsiisuuf utuu hin waamamin hin dhufinaa. Gooftaan waan godhu waan qabuuf; inni ta'uuf jiru kun ija namootaa kaanii duraa waan dhokfameef isaan arguu hin danda'an. Waaqayyo isin haa eebbisu.

Mee warra carqii ergatan kanaaf haa kadhannu.

135 Yaa waaqayyo jaallatamaa, kunoo carqiin namoota dhukkubsatanii fi rakkatan biraa dhufee as jira. Inni kun yaa Gooftaa, amantii isa nuti dubbachaa oolle sana; isa wangeela keessatti Yihudaan, "Kunoo gooftichi kumaatama qulqulloota isaa wajjin in dhufaa" akkuma jedhe, namoonni shaashara qulqulloota keetii tuquun, waan isaan nama addaa ta'aniif utuu hin ta'in, waan isaan si amananiifi. Isaan akkuma keenya kana namoota fedhii guddaa qaban turan. Isaan, " Eliyaas bokkaan akka hin roobneef kadhatee deebii isaa in argate" in jedha sagaleen kee. Yaa Waaqayyo, inni yeroo sanatti kana kan si kadhateef, namoonni qalbii akka jijjiirrataniifi. Inni namoota kanaaf akka kadhatauf dursitee isatti in mul'ifte; sagaleen kee inni inni si kadhate akka bakka ga'uuf. Raajii keetiif mul'ata akka ati kennuufii dandeessu nuyi shakkii hin qabnu. Yaa Gooftaa, galgala kana namoota kana akka fayyiftuufan si kadhada. An Eliyaasiin miti, inni gara Waaqaatti ol fudhatameera. Garuu jireenyi isaa fi hafuurri isaa ammayyuu as jira. Kanaaf yaa Waaqayyo jaallatamaa, kadhata namoota keetii kabajjee akka ati deebiftuuf sin kadhada. Adaraa, nu hin salphisin. Nuyi carqii kana irratti in kadhanna, isaan immoo carqii irratti kadhataame kana namoota dhukkubsatan irra yummuu buusan dhukkuba isaaniitti haa fayyan.

136 Nuyi dhaloota du'aa jiru keessa akka jirru in beekna. Yaa Abbaa keenyaa, nuyi garuu gara jireenya bara baraatti deemaa akka jirru in beekna. Biyyi lafaa qalbii buuseera; wal ajjeesuun babal'ateera. Ijoollen durbaa xobbeetti gudeedamanii cicciramaniiru, dhiironni rifeensa mataa akka kan dubartiitti, dubartoannis akka kan dhiirotaatti tolfataniiru. Isaan waan ija namaatti hin tolle hojjechaa jiru. Wanti hundumtuu du'aa jira. Waldaan Kiristaanaas du'aa jirti.

Oo, yaa Waaqayyo lubbuu kana deebisi. Oo, yaa Waaqayyo, lubbuu amantii bade kana deebisi. Mul'ata keetiin namoota kanatti mul'adhu, yaa Gooftaa. An harka koo

duwwaan irra kaa'ee si kadhada, yaa Gooftaa, garuu humni fayyisuu kan keeti. Kan nama fayyisuu danda'u si duwwaadha, yaa Gooftaa. Kana akka isaaniif raawwattuuf, yaa Abbaa, fedha kee haa ta'u. karaa harka kootii kanaan fayyinni akka isaaniif ta'u yaa gooftaa sin kadhada. Maqaa Yesuus Kiristoosiin sin kadhada. Ameen!

137 Guddistuun sagalee kun hojjechaa jiraa? Isinitti in dhaga'amaa? Namoonni dhaga'aa jirtan harka keessan ol qabaa. Waa'een nama tokkoo laphee koo keessa dhufeera. Warra kaardii qaban kana keessaa miti. Warra barcuma wasaasaa irra jiranii fi warra wayyaa qorraa uffatanii jiran sana keessaati. Ilaa egaa, warri kaardii kadhataa hin arganne hubadhaa. Waan kaardii kadhataa argattaniif fayyuu dandeessu, yookiis waan kaardii kadhataa dhabdaniif fayyuu dhiisuu dandeessu jechuu miti. Isaan kaardii argatanis fayyuu, fayyuu dhiisuu in danda'u. fayyuu fi fayyuu dhiisuun egaa amanatii Waaqayyoon irraa qaban irratti hundaa'a. Hammam nama amanti yoo taatan iyyuu, hammam nama gaariis hamaas yoo taatan iyyuu, yoo ayyaanni Waaqayyoo onnee keessan keessatti cophe malee, fayyuu hin dandeessan. Mee, namoota meeqatu waaqayyoo isa fayyisuu isaa of irratti beeke? Milikkita fi dinqii isa irratti ta'e namni arge? Amma egaa kun kan ta'e waan kaardii kadhataa argattaniif miti. Waan Waaqayyotti amantiif fayyinni kun isiniif ta'e malee.

138 Adeemsi kadhataa kun, dhugaadhumatti adeemsa obboleessi keenya Gerhooltizeer waggoota dheeraa dura ittiin tajaajiluu jalqabeedha. Inni kun egaa amanti Waaqayyootiin, Waaqayyotti amanuudhaan dhukkubsattootni kan ittiin fayyaa turaniidha. Amma egaa an akka isin amantan isin gochuu hin danda'u, isinis ofii keessaniin of amansiisuu hin dandeessan. Isa kana kan gochuu danda'u Waaqayyoodha. Garuu Waaqayyoo gara bara dhuma kanatti kennaa isaa isa nu abdachiise sana itti nuuf in dabala.

Amanuun kennaa waaqayyooti. Amantii ofii keessaniin miti, kan Waaqayyootiin malee. Amantiin yaada sammuutiin ta'us tarii gaarii ta'uu danda'a. Garuu yoo inni kan Waaqayyoo onnee keessaniitti gadi bu'e malee, fayyuun hin danda'amu. Kanaafuu hamma waaqayyoo keessa onnee keessaniitii isinitti mul'isutti isatti amanuu keessan itti fufaa. argitanii? dhugaadhumatti hamma Waaqayyoo fayyisuu isaa isinitti mul'isutti ittuma fufaa. garuu, hamma inni isinitti mul'isutti...

139 " obboleessa koo Biraanhaam maal jettee bakka sanatti" naan jettan.

"Eeyyee, obboo" Waaqayyoo raajii isaanitti erge. Hisqiyaasiin raajichi akkas jedhe, "Ati siree sana irraa gadi hin buutu, 'isa kana Gooftaatu jedha, siree sana irratti in duuta' siin jedha" isaan jedhe.

Garuu mootichi girgiddaatti galagalee imimmaan roobsee, "Yaa Gooftaa, maaloo waggaa kudha shan akka naaf dabaltuuf adaraa jedheen si kadhada" jedhee gara Waaqayyooti in boo'e. Egaa mootiin siyaasa biyya lafaa keessatti nama guddaadha. Waaqayyoon biratti garuu inni guddaan raajii isaati. Iji Waaqayyoo gara raajii isaa irra jira. Waaqayyoo waan ta'uuf jiru hundumaa karaa raajii isaa in dubbata.

140 Amma egaa, waan har'a lallabamaa ture in yaadattu jedheen yaada. Innis caaffata qulqulla'aa keessatti akkuma caafame, "Akkuma guyyoota sodoomii keessatti ta'e, guyyaa ilma namaa keessattis ta'uuf jira" isa jedhuudha. Bara waldaan itti mul'attutti jedha? Lakki! bara ilmi namaa itti mul'attutti jedha malee! Maaltu mul'achuuf jira? Egaa inni mul'achuuf jiru beekamaadha. Ilma namaatu mul'achuuf jira. Guyaa ilmi namaa mul'achuuf ga'utti akkuma sodoomii fi gomora in ta'a. Inni kun sirriidhaa?

Yeroo sanatti waan raawwate ilaalaa! Namoota dacha sodomii fi Gomoraatti ergaman lamatu turan. Sababiin isaa, kiristaanota Oo'a qabantu dachaa sana keessa turan. Egaa hubadhaa ergamoota jajjaboo lamatu dachaa sodomii fi gomoraatti gadi bu'anii lallabaa turan. Isaan keessa tokko garee Abrahaamii wajjin in dhaabate.

141 Amma egaa, ilaalaa! Seenaa waldaa kiristaanaa keessatti ergamoota jajjaboo ergaman keessaa maqaa isaanii keessaa jecha "haam" jedhu kan dhabe gonkumaa hin jiru. Giraam, Abrahaam maqaa jedhu ilaalaa! Isaan kun afaan Ingiliffaatiin yeroo barreeffaman qubewwan ja'aan kan barreeffamaniidha. Ja'a immoo lakkoofsa namaaf dhaabbatuudha. Gareen kaanis ergamoota akka Saankeeyi, Muudii, Fiineeyi, Kinooksii, kaalviiniifi kkf qabu turan. Isaan kana keessaa egaa, maqaan jecha "haam" jedhu of keessaa qabu hin jiru. Garuu isaan kunis Waaqayyoon biraa ergamne jedhanii hamma girgiddaa jigsanitti dhiibanii isaan loluudhaaf yaalaa turan. "Kottaa isaan keessaa as

ba'aa! Qalbii jijjiirradhaa yookiin duutanii baduuf jirtuu!"

Garuu yaadadhaa, warri fo'ataman, durumaan akeeka waaqayyoo keessa warri jiran, warri kakuun isaa durumaan isaan irra jiru; Abrahaamii fi gareen isaas akkuma isanii ergamaa qabu turan. Uuhuhuu! Ilaalaa waan inni godhe. Ibiddi waaqa irraa yeroon inni isaanitti roobu dhi'oo ta'uu isaa milikkita isaanitti agarsiise. Amma egaa, utuu ibiddi gadi roobuu ilaaluuf jirra, ibidda atoomawaa, isa dheekkamsa aarii waaqayyoo!

142 Amma egaa, waan ergamaan sun godhe ilaalaa. Inni dubartittii ishee of duuba ilaalte sanaan, wanta inni in raawwata jedhee isheetti dubbachaa ture hundumaa, shakkiidhaan ilaalaa akka isheen turte isheetti in dubbate. Sirriidha mitii? Guyyaa dhufa ilma namaattis akkasuma in ta'a jedhee hin dubbannee? Gaariidha egaa, inni kun ta'uuf akka jiru in amantuu? Dubartiin kun as dhaabachaa jirti.....

Walitti qabama waldaa isa ijaan hin mul'anne, Misirroo kiristoosiif ergamaan kunoo isin gidduu jira. Innis Yesuus Kiristoos isa kaleessa ture, isa har'a jiru fi isa bara baraan jiraatuudha.

Egaa inni, karaa raajota isaa duwwaadhaan in dubbata. Caaffanni qulqulla'aan isa kana in dubbata. Amos 3:7 irratti, " Waaqayyoo gooftaan murtoo isaa isa dhokatee jiru hojjettoota isaa warra raajotaatti utuu hin mul'isin, tokko illee hojii irra hin oolchu" in jedha. Isa kana egaa, inni yeroo hundumaa in raawwata.

Raajiin egaa, isa waaqayyoo itti himu qofa dubbata. Sirriidha mitii?

143 Rakkoo dubartii kanaa utuu an ishee hin gaafatin Waaqayyoo natti in hima. Isa kana in amantuu? Isheen kaanseriidhaan rakkaachaa jirti. Sirriidha mitii? Kaanserii harmaati. Isheen waa'ee ishee qofa utuu hin ta'in, waa'ee ilma ishees yaadaan dhiphachaa jirti. Inni rakkoo sammuu wal xaxaa fi rakkoo narvii qaba. Kun dhugaadha. Isa kana in amantaa? Kun hunduu dhugaadha mitii? Amantiin kee waan kana hundumaa akka si irraa hiikuu danda'u in amantaa? Dhaqi Gooftaan Yesuus si fayyiseeraa! Ilaalaa, ilaalaa! Laphee keessan guutuudhaan amantanii?

Gooftaan Yesuus, utuun gara dubartii sanaa hin ilaalin waa'ee rakkoo ishee natti himuu akka danda'u in amantuu? Meeqan keessantu amana? An raawwadhee ishee hin beeku. Wayyaa gabaabaa uffattee jirta, garuu dhiira taatee fi dhalaa taatee kee hin beeku. As gidduu dhaabattee jirta. Waaqayyootti in amantaa? Mucaa durbaa sanaa? Dhukkubsachaa kan jirtu harka kee ol qabi. Yoo garaa kee guutuudhaan amante isa dhala argachuuf, Waaqayyoon kadhachaa turte sana in argatta. Amma egaa ilaalaa, ilaalaa! Inni kun fayyina dhukkubaa utuu hin ta'in inni kun jiraachuu fi jiraachuu dhabuu amantii hojii adda baasuudha.

144 Dubartiin kun dabalataan waan dinqisiisaa ta'e tokkos argachuuf jirti. Inni kun egaa, mucaa miti, garuu isheen hafuura qulqulluutiin cuuphamuuf jirti. Waan ati gochuu qabdun sitti hima. yoo ati sigaaraa sana dhiifte, Waaqayyoo hafuura qulqulluutiin si cuupha. Dhaqi, amani isa kana in argitaa.

Namicha as dhaabataa jiru kana jireenya koo keessatti argee hin beeku. Isa argee hin beeku, garuu wanti ta'e qoma isaa kana keessaa isa dhiphisaa jira. Innis yeroo dhiyootti kufee waan tureef miidhaame. Inni nama naannoo kanaa utuu hin ta'in as gara Arkaansas kanaa dhufe. Inni lallabaadha. Egaa fayyiteettaa biyya keetti galii Wangeela lallabi. Hubadhaa egaa namicha kana fuula isaa argee hin beeku.

145 Dubartiin tokko as keessa dhaabachaa jirti. An isheen hin beeku, Waaqayyoo garuu ishee beeka.

Egaa inni rakkoon ishee maal akka ta'e yoo natti mul'ise isatti in amantuu? Hundi keessan in amantuu? Inni kun egaa isa jiraachuu amantii gargarbaasee mul'isu; isa galgala kana lallabamaa tureedha. Inni kun egaa hojii isa Waaqayyoo nutti mul'isee, jiraachuu amantii mikaneessuudha. Amma egaa fayyina argachuuf amantii qabaachuu qabdu.

Dubartii kana ishee beeka jedhee hin yaadu. Eeyyee an ishee hin beeku. Garuu nama isheen beektu tokko nan beeka. Sababiin isaa namni an beeku sun gubaa'ee kana keessa jira. Isheen egaa, mataa bowwuudhaan rakkachaa jirti. Sirriidha mitii? Waaqayyoo akka si fayyisuu danda'u in amantaa? Ati obboleettii peerii Giriiniiti. Kun dhugaadha. An gonkumaa si argee hin beeku. Peerii Giriin as keessa dhaabattee jirti. An ishee qaamaan nan beeka. Peerii Giriin karaa kam akka dhaabattee jirtu hin beeku. Waaqayyotti in amantuu? Hundi keessan in amantuu? In amantuu? Yoo amantan wanti hunduu ta'uuf

jira, yoo hin amantan ta'e garuu homtinuu ta'uu hin danda'u.

146 Mucaan durbaa rifeensi kee magaalaa, kuunnoo achi teessee jirtu sun, Waaqayyo wanta ati yaadaa jirtu natti mull'isuu danda'uu isaa in amanataa? Kaanserii harmaatiin qabamtee dhiphachaa jirata. Waaqayyo si keessaa in buqqisaatii in amantaa? Amantii qabaadhuutii isatti amani. Amma egaa inni isheen tuqxe maali?

Dubartittiin shaashara wayyaa isaa tuqxee in fayyite. Wangeelli akkuma jedhe, "Inni luba isa angafa yeroo rakkoo keenyaa tuqnuudha." Sirii mitii? Inni angafa lubootaa ta'e sun as nu gidduu jira. Namoonni egaa isa tuqanii fayyina argachaa jiru.

Dubartii qal'oo tokkotu, kuunnoo achi teessee jirta. Eeyyee harka ishee ol baafteetti. An jireenya koo keessatti ishee argee hin beeku. Isheen egaa waan ta'e tuqxeetti. Isheen qoma ishee kana keessaa rakkina waan qabduuf Waaqayyoon kadhachaa turte. Kana qofaa utuu hin ta'in, isheen dhukkuba garaachaatiinis dhiphachaa jirti. Egaa yoo amante Waaqayyo si fayyisa. Amanuun egaa dirqama ta'a fayyuudhaaf. "wanti hundinuu warra amananiif in danda'ama."

147 Namichi tokko gara booddee sana taa'aa jirta. Gara duubaatiin toora lammaffaarra. Eeyyee si'i! ati dhukkuba Asmiitiin rakkachaa jirta. Waaqayyo si fayyisaatii in amantaa? Yoo isatti amante Waaqayyo si fayyisa. Amantiidhaan yoo isa gaafattan in argattu.

Dubartiin tokko toora kana irra teessee gara koo ilaalaa jirti. Rifeensi mataa ishee akka magaalaa. Waaqayyotti in amantaa? Yoo isatti amante rakkoon hafuuffee fincaanii keetii amma gadi si dhiisee in sokka!

148 Wayyaa qorraa keessa kan jirtu sun, Waaqayyo na fayyisa jettee in amantaa? Waaqayyo akka si fayyisu in amantaa? Waaqayyo waa'ee dhukkuba keetii yoo natti hime isa in amantaa? Yoo isatti amante kaanseriin si keessaa egaa gadi si dhiisee in sokka! Maaliif kaatee siree kee fudhattee hin deemu ree? Ka'ii siree kee fudhuu deemi. Waaqayyo humna fayyisuu isaa laphee kee keessa buuseeraa? Namoonni as jirtan hundumti keessan harka keessan ol kaasaa. Waaqayyo humna fayyisuu isaa laphee keessan keessatti waan roobsuuf harka keessan akkuma ol kaaftanitti wal qabadhaa. Hafuurri qulqulluun nu gidduu deddeebi'aa jira. Namichi kunoo ka'ee toora kadhataa keessa fiigaa jira.

149 Hundumti keenya ulfina waaqayyootiif ol kaanee in dhaabanna. Eessayyuu fagaattanii deemuun hin barbaachisu. Yesuus kiristoosiin adda baafadhaa! Inni isa kaleessa ture, isa har'a jiru, darbees hamma bara baraatti isa jiraatuudha. Rakkoo waan fedheeyyuu haa ta'uutii fuula isaa duratti dhi'eeffadhaa. Miila keessaniin dhaabadhaatii isa waammadhaa. Inni isin jalaa in owwaataa.

Yaa Waaqayyo, isa hundumaa dandeessuu, Waaqa Abrahaam, Waaqa Yisihaaq, Waaqa Yaaqoob, humna fayyisuu keetii ergiitii saba kana fayyisi. Maqaa Yesuus kiristoosiin. Ameen.

Ulfinni Waaqayyoof haa ta'u! Waaqayyo isin haa Eebbisu.



www.messagehub.info

Kan Lallabame

William Marrion Branham

"... bara malaakanni afuufamutti..." Mul. 10:7